

## HOJIIRRA OOLMAA QORANNOOWWAN ILQSO BARA 2001-2012\*

Geetaachoo Fayyisaa\*\*

Kadiir Qaasoo\*\*\*

### ABSTRACT

*Research is instrumental in the effort to attain multifaceted development. These days one can witness the proliferation of research engagement in Ethiopia. However, critics have it that translation of these research works into meaningful community use is less common. Oromia Legal Training and Research Institute is one of the organs engaging in legal and justice research. From its commencement in 1999 until 2012 EC alone the institute has produced some 54 research works. However, some criticize the institute for the lack of translating the outcome of its research into action. Therefore, this research is conducted to identify and explain how much of the research findings are implemented and what factors impacted its implementations. To this end, the research employed mainly qualitative methodology. Interview and focus group discussions were conducted with experts and leaders of research user organs. Relevant documents were analyzed. Additionally, a quantitative methodology like questionnaires is also used to supplement qualitative methodology. The research has revealed that despite many bottlenecks the Institute's research findings are translated into actions that have substantially influenced the legal and justice system in the region. Figuratively speaking some 76% of the institute's research has gone through the implementation process. This can be hailed as a massive achievement. However, the institute has to adopt a relevant research implementation policy and other research stakeholders need to cooperate to scale up the research implementation for better impacts.*

**Keywords:** cooperation, research implementation, research policy, research user

---

\* Barruun kun qorannoowwaan Inistiitiyuutiin Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa bara baajata 2013'tti qorachiise keessaa tokko yoo ta'u, maxxansa joornaaliif akka tolutti gabaabbatee kan dhiyaate dha. Ob. Tasfaayee Booressaa, Ob. Tafarii Baqqalaa fi Ob. Milkii Makuriyaa wixinee duraa qorannichaa gulaaluun yaada waa nuuf kennaniif, galateeffachuu feena. Dabalataan, qorannichi yaada hirmaattota woorkishooppiin gabbatee kan dhiyaate dha.

\*\*Qorataa Seeraa Olaanaa Inistiitiyuutichaa, LLB (Yunivarsiitii Hawaasaa), Kaadhimamaa LLM (Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa), teessoon email [bariifeyisa@gmail.com](mailto:bariifeyisa@gmail.com).

\*\*\* Qorataa Seeraa Inistiitiyuutichaa, LLB (Yunivarsiitii Baahirdaar), LLM (Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itiyoophiyaa), teessoon email [kedirasanti@gmail.com](mailto:kedirasanti@gmail.com).

## 1. SEENSA

Saayinsiin jireenya ilma namaa bu'uraan jijjireera. Bu'aawwan saayinsiin argaman kunneen hedduun hojii qorannoo kan bu'ureeffataniidha. Kanaaf, qorannoo fi saayinsiin seenaan isaanii walitti hidhataadha. Gaheen qorannoon guddina ykn badhaadhina roga hundaa keessatti qabu baroota 1950'ootaa kaasee sirritti hubatamuu jalqabe. Ergasii, hojiiwwan qorannoo hedduun tarsimoowwan guddinaa fi nageenya hawaasa addunyaa keessatti galtee ta'uu danda'aniiru.<sup>1</sup> Qorannoo fi qo'annoon leecalloon hedduun itti bahee gaggeefamu qaama fayyadamu (end user) bira gahee bu'aa buusuu ykn dhiibbaa gaarii uumuu qaba. Qorannoon gaggeeffame tokko bu'aa barbaadame akka buusu hojirra oolmaa isaa irratti hojjechuun barbaachisaadha. Hojirra oolmaan qorannoo immoo sirnaa fi tarsiimoo barbaada. Sirnii fi tarsiimoon hojiirra oolmaa qorannoo haala qabatamaa dhaabbilee qorannoo gaggeessan, qaamolee qorannoo fayyadaman, qaamolee imaammata bocan, dhaabbilee gaggeessaa fi hojiirra oolmaa qorannoo deeggaran ilaalcha keessa galchee kan hin qophoofnee fi sirnaan yoo hojiirra hin oolle qorannoo hojiirra oolchuun hin danda'amu.

Akka Itoophiyaattis ta'ee, akka naannoo Oromiyaatti, dhaabbilee barnoota olaano fi dhaabbileen qorannoo fi qo'annoo gaggeessan babal'ataa jiru. Haa ta'umalee, qorannoowwan dhaabbilee barnoota olaano fi dhaabbilee qorannootiin gaggeeffaman baay'een isaanii hojiirra oolaa akka hin jirree komii fi yaadni yeroo adda addaatti ni dhiyaata.<sup>2</sup> Qorannoon hojiirra oolaa hin jiru jechuun immoo, qabeenyi gaggeessa qorannoo irratti bahe akka qisaasamaatti kan ilaalamu ta'uu caalaa: dhaabbileen kunneen ergama dhaabbataniif galmaan gahaa akka hin jirre agarsiisa. Kun immoo, hojirra ooluu dhabuun qorannoo yeroo ammaa rakkoo cimaa furmaata argachuu qabu ta'uu nama hubachiisa.

Sirni haqaa akka biyyaas ta'ee naannoo Oromiyaa rakkoo cimaa keessa akka ture ni beekama. Fakkeenyaaf, qorannoon Baankiin Addunyaa ALA bara 2004

---

<sup>1</sup> William K. Holstein, Research and Development, Britannica, <http://www.Britannica.com/topic/research-and-development>, < gaafa 1/25/2021 kan ilaalame >.

<sup>2</sup> Ethiopian Press Agency, Time for Applied Research to Bring about Solutions, March 21, 2019

gaggeesse, tajaajilli haqaa sadarkaa federalaas ta'ee, naannootti kennamu rakkoowwan akka; dhaqqabummaa, qulqullinaa , harkifannaa, malaammaltummaa, bilisummaa qaamolee haqaatin kan danqame ta'uu addeessee ture.<sup>3</sup> Haaluma walfakkaatuun, qo'annoon ka'uumsaa (baseline study) sirna haqaa biyyattii irratti gaggeeffame rakkoolee sirna haqaa kanneenii fi hanqinoota mul'atan hubachiisuun furmaata adda addaas kaa'ee ture. Furmaatilee akeekaman kanneen keessaa tokko qorannoo seeraa bal'inaan gaggeessuu fi argannoo isaatti fayyadamuudha.<sup>4</sup> Hojii qorannoo kana akka gaggeessuuf Inistiitiyuutii Qorannoo Haqaa fi Sirna Haqaa Federaalaa akka biyyaatti hundeeffameera. Inistiitiyuutichi qorannoowwan seeraa addaa addaa gaggeessuun seeraa fi sirna haqaa biyyattii fooyyeessuu keessatti gahee akka qabaatu aangeffameera.<sup>5</sup>

Akka naannoo Oromiyaatti, rakkoolee sirna haqaa naannichaa keessatti mul'atan furuu fi sirna haqaa naannichaa cimsuuf Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa (*kanaan booda, Inistiitiyuuticha ykn ILQSO jedhu fayyadamna*) hundeeffameera.<sup>6</sup> ILQSO'n ALI bara 1999 erga hundeeffamee eegalee: hojii leenjii fi qorannoo seeraa raawwateen sirna haqaa naannichaa cimsuu keessatti gahee olaanaa bahatee jira, bahataas jira.<sup>7</sup> Gama qorannoo seeraatiin, Inistiitiyuutichi hanga bara 2012tti qorannoo keessoo Inistiitiyuutichaa ilaallatan osoo hin dabalatin qorannoowwan baay'inni isaanii 54 ta'an gaggeessuun qaamolee bu'aa qorannoo fayyadamaniin gahuu danda'eera.

---

<sup>3</sup> Ethiopia, legal and Justice sector assessment, World Bank, 2004.

<sup>4</sup> Federal Democratic Republic of Ethiopia *Comprehensive Justice System Reform Program* Baseline Study Report (Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Office, February, 2005).

<sup>5</sup> Justice and Legal System Research Institute Establishment Council of Ministers, Regulations No. 22/1997

<sup>6</sup> Dambii Hundeeffama Inistiitiyuutii Leenjii Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hundeeessuuf bahe, Dambii lak 77/1999.

<sup>7</sup> Sakata'iinsi bu'aa leenjii fi qorannoo Inistiitiyuutichaa ALI bara 2010 fi isa dura gaggeefamaa ture Inistiitiyuutichi hojiilee leenjii fi qorannootiin bu'aa gaarii galmeessisaa ni hubatama. Inistiitiyuutichi gamaggama raawwii hojii gaggeefamaa turee fi waltajjiwaan adda addaa irrattis raawwii hojii gaarii agarsiisuu fi sirna haqaa Naannoofis ta'ee biyyaaf tumsa guddaa gochuun leellifamaa tureera. Dabalataan, Joornaaliin Seeraa Oromiyaa Inistiitiyuutichi maxxansiisu dhimmoota seeraa fi haqaa irratti barreefamoota adda addaa maxxansuun sirna haqaa Naannoo fi biyyaaf gumaachaa taasisuun alattis fayyadamtoota idil-addunyaa horachuu danda'ee jira.

Hojii qorannoo Inistiitiyuutichi raawwatuun walqabatee, komiin yeroo hedduu dhiyaatu qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman hojiirra oolaa hin jiran kan jedhudha. Komii kana furuuf, Inistiitiyuutichi sadarkaa hojiirra oolmaa qorannoo isaa irratti sakatta'a gaggeessaa turera. Sakatta'iinsi qorannoo kun qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman kanneen hojiirra oolan akkuma jiran kanneen hojiirra hin oolles kan jiran ta'uu mul'isee jira.<sup>8</sup> Komii fi duub-deebiin hojiirra ooluu dhabuu qorannoowwan Inistiitiyuuticha irratti dhiyaatu garuu xiqqaachuu hin dandeenye. Komii kana xiinxallanii fala kaa'uun barbaachisaa dha.

Qorannoo hojiirra oolchuuf sirnaa fi tarsiimoon hojiirra oolmaa qorannoo ni barbaachisa. Sirmii fi tarsiimoon kun akkaataa argannoowwan qorannoo irraa maddan gara qabatamaatti naanneffamanii bu'aa hawaasatiif oolan kan qajeelchudha. Sirmii fi tarsiimoon hojiirra oolmaa qorannoo bocamee hojiirra hin oolle taanaan qorannoon hojiirra oole ykn hin oolle jechuu ykn bu'aa isaa sakatta'uun ulfaataadha. Gama ILQSOtiin sirmi fi tarsiimoon hojiirra oolmaa qorannoo jiraachuu fi dhiisuu adda baasuu fi yoo kan jiraatu ta'e, bu'a qabeessa ta'uu madaaluun barbaachisaadha. Gama biraatin, argannoon qorannoo hojiirra kan oolu atoomina qaamolee adda addaatini. Qaamoleen kunneen qaama qorannoo qoratu, qaamolee qorannoo fayyadamanii fi dhaabbilee hojiirra oolmaa qorannoo irratti deeggarsa kennanidha. Inistiitiyuutiin qaamolee kana waliin qindoomina cimaa hin qabu taanaan qorannoo hojiirra oolchuun hin danda'amu. Haa ta'u malee, sadarkaan ILQSO'n qaamolee kana waliin atoomina itti horatee fi dhiibbaan inni hojiirra oolmaa qorannoo irratti uume maal akka ta'e adda hin baane.

Kana malees, qulqullinni qorannoo dhimmoota hojiirra oolmaa qorannoo irratti dhiibbaa uuman keessaa tokkoodha. Qorannoon gaggeeffamu gaaffii qorannoo ifa ta'ee, mala qorannoo cimaa ta'ee fi argannoo ifaa fi hojiirra ooluu danda'u kan hammate ta'uu qaba. Inistiitiyuutichi qorannoo qulqullinaa qabu, saayinsaawaa ta'ee fi rakkoo qabatamaa hiikuu danda'u gaggeessuuf: qajeelfamaa fi imaammata baafatee jira. Gama biraan immoo, qorannoo Inistiitiyuutichaa qulqullina hanga barbaadamu hin qabu komiin jedhus, fayyadamtoota irraa ni ka'a. Haata'u malee, sadarkaan qulqullina qorannoo Inistiitiyuutichaa fi dhiibban inni hojiirra oolmaa irratti fide hin beekamne.

---

<sup>8</sup> Azzanaa Indaalammaa, Qorannoo sakata'iinsa hojiirra Oolmaa qorannoo ILQSO bara 2006 gaggeefame

Kanaaf, dhimmoota kanneen xiinxalluu fi yaada furmaataa akeekuuf qorannoo kana gaggeessuun barbaachisaa ta'ee jira.

Kaayyoon qorannoo kanaa sadarkaa hojiirra oolmaa qorannoowwan ILQSO'n gaggeeffamaa turanii fi jiran xinxaluudhaan yaada furmaataa sirnaa fi tarsiimoo hojiirra oolmaa qorannoo bu'a qabeessa ta'e bocuu fi hojiirra oolchu dandeessisu dhiyeessuudha. Akkasumas, sadarkaan hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO yeroo ammaa irra jiru maal akka fakkaatu, qorannoo ILQSO hojiirra oolchuuf haaldureewwan barbaachisan, haaldureewwan kanneen guutamuu qaban guutamuu ykn guutamuu dhabuu isaanii adda baasuu fi qorannoo hojiirra oolchuuf qaamolee gahee qabaniifi atoomina isaan jidduu jiru xiinxalluus ni dabalata.

Qorannoon kun kaayyoo kana galmaan gahuuf, maloota qorannoo akkamtaa fi hammamtaa wal faana fayyadamee jira. Malli akkamtaa mala isa ijoo yoo ta'u, dhimmoota hojiirra oolmaa qorannoo irratti dhiibbaa qaban fi sirna jiru hubachuuf kan hojiirra ooledha. Haaluma kanaan daataan bifa Af-gaaffii fi marii gareetiin funaanamee jira. Gabaasa qorannoowwan ILQSO fi gabaasa raawwii qaamolee qorannoo fayyadamanii irratti xiinxalli qabiyyee/sanadaas gaggeeffamee jira. Af-gaaffiin gariin caaseffama haalota HOQ keessatti murteessoo ta'an tarsiimoo HOQ irratti jiruu fi rakkoowwan mudatan addaa baasuuf faayidaa irra ooleera. Haala kanaan qorannoo ILQSO'n gaggeesse fudhatanii hojiirra oolchuufi dhiisuu isaanii, tarkaanfilee fudhatan, yaadaa fi ilaalcha qaamoleen qorannoo fayyadaman hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO irratti qabaniifi atoomina isaan ILQSO waliin qaban irratti yaadaa fi hubannaa jiru adda baasuuf hoggantootaa fi ogeessota qaamolee qorannoo fayyadamanii waliin Afgaaffiin taasifamee jira. Haaluma kanaan, qaamoleen haqaa naannichaa jechuunis; Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Naannoo Oromiyaa, Komishinii Poolisii Oromiyaa fi Komishiinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa irraa daataan sassaabbameera. Haaluma walfakkaatuun qaamolee haqaan alaa argannoo qorannoowwan ILQSO'n isaan ilaalu kan akka Biiroo Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggoota Oromiyaa, Waajjira Caffee Oromiyaa, Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Oromiyaa, Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa, Biiroo Galiwwanii Oromiyaa, Biiroo Daldalaa Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Misooma

Albuudaa Oromiyaa, Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, ILQSO, Ejansii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Oromiyaa, Komishini Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa, Komishiinii Investimentii Oromiyaa, Waajjira Qindeessituu Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Oromiyaa, Biiroo Paabliksarvisii fi Qabeenya Humna Namaa Oromiyaa irraa haala hojirra oolmaa argannoo qorannoowwan qaamolee kanaaf ergaman hubachuuf daataan bifa afgaaffii fi marii gareetiin funaanameera. Daataa afgaaffii fi marii gareetiin gaggeefame kana deeggaruuf bargaaffiin ogeessota qaamolee hirtaa kanneen irraa sassabbamee jira.

Muuxannoo hojirra oolmaa qorannoo irratti jiru hubachuuf qaamolee qorannoo gaggeessan biroo kanneen akka Inistiitiyuutii Leenjii Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Federaalaa, Inistiitiyuutii Manaajimantii Itoophiyaa fi Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa irraa daataan afgaaffiin fudhatamee jira. Dabalataan qulqullina qorannoo ILQSO, hoj-maata fi tarsiimoo gaggeessaa fi hojirraa oolmaa qorannoo, atoomina qaamolee alaa waliin jiru hubachuuf gabaasni qorannoo, fedhiin qorannoo fi duub-deebiin gulaallii qorannoo ILQSO bara 2001 hanga bara 2012 gaggeefaman ilaalamaniiru. Bu'uura kanaan, qorannoo kana gaggeessuuf daataan Afgaffii 55, marii Garee 5 fi bargaaffiin 66 walitti qabamuun xinxaalamaniiru.

## **2. YAADDAMA, YAADRIMEE, CAASEFFAMA FI FAKKAATTIWWAN HOQ MILKEESSUUF FAYYADAN: SAKATTA'A HOGBARRUU**

Qorannoon tokko hojiirra oole ykn hin oolle jechuuf yaadrimee saayinsii hojirra oolmaa qorannoo hubachuun barbaachisaa dha. Yaaddamni (theory), yaadrimeen(concept), caaseffamni (framework) fi fakkaattiin (model) hojirra oolmaa qorannoo qajeelchuu, bu'a qabeessa taasisuu fi sakatta'uu keessatti gahee olaanaa qabu.

### **2.1 . HOJIIRRA OOLMAA QORANNOO (HOQ)**

Hojirra oolmaan qorannoo saayinsii hojirra oolmaa (*implementational science*) jalatti hammatama. Yaadrimeen qorannoo hojirra oolchuu jedhu bu'uraan saayinsii fayyaa irraa kan fudhatamee dha.<sup>9</sup> Jechi hojirra oolmaa

---

<sup>9</sup> Celia Almeida, and Ernesto Báscolo, Use of Research Results in Policy Decision-making, Formulation, and Implementation: a Review of the Literature, Cad. Saúde Pública, Rio de

qorannoo (*research implementation*) jedhu, jechoota kanneen biroo kan akka qorannoo hojiitti hiikuu (*translation of research*), beekumsa dabarsuu (*transfer of knowledge*) fi kkf jedhamuunis ni beekama. Akka saayinsii fayyaa hawaasaatti, hojirra oolmaan qorannoo malaa fi sirna ragaawwan qorannoo fayyaa irratti argaman (*research-based evidences*) gara gochaa fi sirna qabatamaan fayyaa hawaasaa gargaarutti itti jijjiiranidha.<sup>10</sup> Gosootni beekumsaa (discipline) kanneen biroos, hiika hojirra oolmaa qorannoo kana haala isaani faana madaqsanii itti fayyadamu. Kanaaf, hojirra oolmaa qorannoo jechuun akkaataa ragaan qorannoo saayinsaawaan argame gara hojimaataa fi gochawwan qabatamaan hawaasa fayyadanitti itti jijjiiramu jechuudha.

Argannoon qorannoo tokko ykn beekumsi haaraa argame tokko faayidaa Sadi qabaachuu danda'a. Kunis; kallattiidhaan dhimma furuuf yaadame sana hiikuu (instrumental use), hubannoo dabaluu (conceptual use) fi faayidaa fakkeessaaf (symbolic use) ooluu danda'a. Faayidaan fakkeessaa murtee dursee darbe ittiin mirkaneeffachuuf yommuu yaadameedha.<sup>11</sup> Hojirra oolmaa qorannoo yommuu sakattaanu beekumsa qorannoo irraa argame haala itti fayyadama olitti ibsaman sadan keessattuu madaaluun ni barbaachisa.

## **2.2 . YAADDAMAA FI CAASEFFAMA HOJIRRA OOLMAA QORANNOO KEESSATTI GAHEE QABAN**

Adeemsa qorannoo hojiirra oolchuu ifaa fi bu'aa qabeessa taasisuuf yaaddamootni fi caaseffamoonni adda addaa hojirra ni oolu. Yaaddamoonni fi caaseffamoonni kunneen baay'ina kan qabanii fi haala qindaa'aa ta'een kan hin gurmaa'iin waan ta'eef, akkaataan fayyadama isaaniis fedhii fi hubannaa qaama fayyadamuu irratti kan hundaa'edha. Yaaddamoonni qorannoo hojirra oolchuu keessatti gahee qaban, yaaddamoota ogummaa xiinsammuu,

---

Janeiro, 22 Sup:S7-S33, 2006, <http://www.scielo.br/pdf/csp/v22s0/02.pdf> < gaafa 1/29/2021 kan ilaalame>

<sup>10</sup> Schillinger, D., An Introduction to Effectiveness, Dissemination and Implementation Research. P. Fleisher and E. Goldstein, eds, From the Series: UCSF Clinical and Translational Science Institute (CTSI) Resource Manuals and Guides to Community-Engaged Research, P. Fleisher, ed. Published by Clinical Translational Science Institute Community Engagement Program, University of California San Francisco (2010) [http://ctsi.ucsf.edu/files/CE/edi\\_introguide.pdf](http://ctsi.ucsf.edu/files/CE/edi_introguide.pdf)

<sup>11</sup> Sudsawad, P., Knowledge Translation: Introduction to Models, Strategies, and Measures. Austin, TX: Southwest Educational Development Laboratory, National Center for the Dissemination of Disability Research (2007), F.21

yaaddama haala jaarmiyaa (organizational theory), yaaddama haala hawaasaa (sociological theory) fi kkf irraa kan fudhatamanidha. Yaaddamotaa fi Caaseffamootni kunis gaditti xiinxallamaniiru.

Caaseffama qindaa'aa hojirra oolmaa qorannoo (consolidated framework for implementation of research (CFIR) - dhimmoota haala qorannoon hojirra itti oolu keessatti dhiibbaa uuman beekuu fi itti qophaa'uf kan gargaarudha. Caaseffama kana keessatti dhimmoonni hojirra oolmaa qorannoo keessatti gahee qabaniif ibsamni isaanii kan itti xinxaalamu. Dhimmoonni kunneenis: tarkaanfiiwwan fudhataman, haala qaama qorannoo hojirra oolchuu, haala qaama qorannoo fayyadamuu, haala qaamota qorannoon ala jiraniif, haala namoota hojirra oolmaa qorannoo keessatti hirmaatanii fi adeemsa qorannoo hojirra oolchuuf tolfame dha. Haalonni dhimmoota kanneen ibsan immo: qulqullina, rogummaa, faayidaa, madaqfamuu fi dhaqqabummaa qorannoo, imaammata, haala qabatama naannoo qorannoon hojirra itti ooluu fi sadarkaa qophii fi raawwii hojirra oolmaati.<sup>12</sup>

Yaaddama Tamsa'ina Kalaqaa (Diffusion of Innovation Theory) - akkaataa kalaqni tokko fayyadamtoota bira itti gahu, amaloota fi dandeettii itti madaquu fayyadamtootni kalaqa irratti qaban kan ibsudha. Dhimmoonni tamsa'ina kalaqaa/qorannoo irratti dhiibbaa taasisan, faayidaa kalaqichaa/ qorannichaa (relative advantage), walsimannaa kalaqichi/qorannichi haala qaama fayyadamuu waliin qabu (compatibility), kalaqichi salphaattii kan hubatamu/fayyadamamu ta'uu fi dhabuu isaa (complexity), kalaqichi guutummaatti osoo hojiirra hin oolchin yaalamuu kan danda'u ta'uu isaa (triability) fi bu'aa mul'atu kan argamsiisu (observability) ta'uu isaati.<sup>13</sup>

Yaaddama dhaqqabuu, bu'a qabeessummaa, fudhannaa, hojirra oolchuu, sirnaa'uu ykn DhBFHS (RE-AIM - Reach, Effectiveness, Adoption, Implementation, Maintenance) keessatti xiyyeeffannoon guddaan hammatummaa ragaan qorannoo qaamota daataan qorannoo irraa hin funaanamne irratti qabu (external validity) adda baasuudha. Akka yaaddama kanaatti, qorannoo tokko hojiirra oolchuuf gulantaa Shan (5) keessa darbuu

---

<sup>12</sup> Damschroder LJ and et al, Fostering Implementation of Health Services Research Finding into Practice: Consolidated Framework for Advancing Implementation Science, Implement Sci.2009 (1), F50

<sup>13</sup> Behavioral Change Models, Diffusion of Innovation Theory, [http:// sphweb. bumc. bu. edu/otlt/MPH-Modules/SB](http://sphweb.bumc.bu.edu/otlt/MPH-Modules/SB), <gaafa 1/28/2021 kan ilaalame >



gaafata. Kunis yaada qorannoo qaama akka fayyadamu barbaadame biraan gahuu, bu'a qabeessummaa tarkaanfiiwwanii madaaluu, ofitti fudhannaa fayyadamtootaa madaaluu, hojiirra oolchuu fi hojiirra oolmaa sirna taasisuun akka itti fufiinsa qabu taasisuu dha.<sup>14</sup>

Caaseffama hojiirra oolmaa qulqullina (Quality Implementation Framework) immoo qorannoo haala qulqullina qabuun hojiirra oolchuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis adeemsa qorannoo hojii irra oolchuu keessatti tarkaanfiiwwan gulantaa adda addaatti fudhataman kan qajeelchuu dha. Haaluma kanaan, argannoo qorannoo tokko gara hojiitti jijjiiruun dura qophiilee barbaachisan (bu'aa qorannoo madaaluu, hojiirra oolmaa karoorfachuu, sirna hojiirra oolmaa diriirsuu, qaama fayyadamu waliin walta'uu fi hubannoorra ga'uu, atoomina qaamolee hojiirra oolmaa qorannoo argachuu fi kkf) raawwatamuu qabu. Itti aansuun, haala qaama bu'aa qorannoo fayyadamuu madaaluun barbaachisaadha. Haalli qaama qorannoo fayyadamuu erga adda ba'eefii qorannicha hojiirra oolchuu irratti erga waliigalamee booda qaama ykn garee qorannicha hojiirra oolchu ramaduun gara sochii hojiirra oolmatti seenuu dha. Adeemsa hojiirra oolmaa keessatti hojiiwwan raawwatamaniif deeggarsa kennuu, hordofuu fi yaadota fooyya'iinsaa fudhachuun dhimmoota barbaachisoo dha.<sup>15</sup>

Caaseffama hirmaachisaa (Interactive System Framework) - adeemsa fi sirna qorannoo gaggeeffamee fi bu'a qabeessummaan isaa madaalame gara faayidaa bal'aatti ceesisuuf gargaaruudha. Xiyyeeffannoon isaas haalota mijataa qorannoo hojiirra oolchuuf dandeessisan (infrastructure), dandeettii kalaqaa fi sirnoota qorannoo hojiitti naanneessuuf fayyadan (kan akka sirna kurfeessa fi hojiirra oolmaa, sirna deeggarsaa fi sirna dhiyeessi) irrattidha. Sadarkaa qorannoo kurfeessuu fi sirna hojiirra oolmaa diriirsuu keessatti ragaa qorannoon argame calaluun haala qaama fayyadamuuf ta'utti (user-friendly) gara meeshaa ykn yaada ykn hojimaata qaamni fayyadamu barbaadutti jijjiiruun ni hojjetama. Haala fayyadama bu'aa qorannoo mijeessuudhaaf maanuwaalii, qajeelchituu, wixinee ykn tooftaa biraa fayyadamummaa cimsu qopheessuun barbaachisaadha. Bu'aan qorannoo haala kanaan kurfaa'ee

---

<sup>14</sup> What is RE-AIM, <https://www.re-aim.org/about> <gaafa 1/27/2021 kan ilaalame>

<sup>15</sup> Duncan C. Meyers, Joseph A. Durlak and Abraham Wandersman, The Quality Implementation Framework: A Synthesis of Critical Steps in the Implementation Process, American Journal of Community Psychology · May 2012, DOI: 10.1007/s10464-012-9522-x · Source: PubMed, F8.

qophaa'e, qaama fayyadamuuf kennamuu qaba. Kenniinsi bu'aa qorannoo (delivery) namoota, dhaabbilee ykn hawaasa hojirra oolmaa qorannoo keessatti hirmaatu hirmaachisuu danda'a. Sadarkaa kanatti, bu'aan qorannoo sun hojirra ooluu kan jalqabuu fi faayidaan isaa yommuu itti hubatamudha. Kenniinsi bu'aa qorannoo immoo sirna deeggarsaatiin (support system) utubamuu qaba. Kana jechuun qabeenyaa fi haala mijataa qorannoo hojirra oolchuu fi bu'a qabeessummaa isaa dabaluuf ooluun deggaramudha. Sirna kana keessatti leenjii humna raawwattoota qooda fudhattootaa cimsu, gargaarsa teekinikaa kennuu ykn jijjiirama jiru madaaluun ta'uu danda'a.<sup>16</sup>

Qaamolee hojiirra oolmaa qorannoo keessatti hirmaatanii fi gahee isaanii akkasumas, tarkaanfiiwwan hojiirra oolmaa qorannoo keessatti murteessoo ta'an adda baasuun akkaataa tarsiimoon hojirra oolmaa qorannoo itti qophaa'uu fi hojiirra itti oolu danda'u kan qajeelchan fakkaattiin ykn moodelli hojiirra oolmaa qorannoo adda addaa ni jiru. Fakkeenyaaf akka *fakkaattii Inistiitiyuutii Qorannoo Fayyaa Biyya Kanaadaa (Canadian Institute of Health Research Model)* beekumsi qorannoo irraa argame walitti dhufeenya qaamni qorannoo gaggeessuu fi qaamni qorannoo fayyadamu adeemsa ykn maroo qorannoo (research cycle) keessatti taasisuun darbuu akka danda'u agarsiisa. Kunis; adeemsa hima rakkoo baasuu fi mala qorannoo tolfachuu, atoomuun qorannoo gaggeessuu, argannoo qorannoo afaan ifa ta'een maxxansuufi dhaqqabamaa taasisuu, argannoo qorannoo haala beekumsa kanneen biroo fi aadaa hawaasaa ilaalcha keessa galcheen kaa'uu, argannoo qorannoo bu'ureeffachuun murtii fi tarkaanfii fudhachuu fi beekumsa qorannoo irraa argame irratti hundaa'uun hojii qorannoo biroo hubachuufaa dha.<sup>17</sup>

*Fakkaattiin (Moodeelli) hariiroo irratti xiyyeeffatu (Interaction-focused model)* immoo fedhii qaama qorannoo fayyadamuu beekuu fi walitti dhufeenya adeemsa beekumsa dabarsuu keessatti taasifamu qajeelchuuf kan gargaarudha. As keessatti dhimmoonni xiyyeeffannoon ilaalamuu qaban; haala fayyadamaa qorannoo, dhimma (rakkoo) qorannoo, hariiroo qaama qorannoo gaggeessee fi fayyadamu gidduu jiruu fi tarsiimoo raabsa qorannooti. Haalota fayyadamtoota qorannoo (user group) kan akka haala hundeeffamaa, haala hojii itti gaggeessu, adeemsa murtii dabarsu, muuxannoo

---

<sup>16</sup> Akkumasa olii, F.3

<sup>17</sup> Olitti yaadannoo lak.11<sup>ffaa</sup>

qorannoo irratti qabu, ilaalcha qorannicha irratti qabu fa'a beekuun barbaachisaa dha. Dhimmi rakkoo adeemsa dabarsa beekumsaa ykn hojiirra oolmaa qorannootiin furamuudha. Qorannoon walqabatee qulqullinaa fi roqummaa qorannichi rakkoo qaama fayyadamuu waliin qabu adda baasuudha. Dhimmoota kanneen gaaffilee adda addaa gaafachuun sadarkaa fi haala fayyadamaan qorannoo irra jiru adda baasuun hojiirra oolmaa qorannoo bu'a qabeessa taasisa.

Qorattootni fakkaattiiwwan kana iddoo afuritti qoodanis jiru. Isaanis; fakkaattii kallattii (linear or knowledge driven model), fakkaattii rakkoo hiikuu ykn fedhii imaammataa irratti hundaa'u (problem solving or policy driven), fakkaattiin walatoommii (interaction model) fi suutee (sedimentation model) dha.<sup>18</sup>

Fakkaattin kallattii (linear or knowledge driven model) - beekumsi qorannoon argame kallattiin gara hojii ykn imaammataa akka jijjiiramu tilmaama kan fudhatudha. Kunis qaamni qorannoo gaggeessu qorannoo qulqullina qabuu fi argannoo iftoomina qabu kan qopheesse yoo ta'e, qaamni imaammata baasu kallattiin argannoo qoranichaa gara imaammataatti ni jijjiira yaada jedhu qaba. Fakkattiin kun, haala qabatamaa qaamni qorannoo fayyadamu keessa jiruuf xiyyeefannoo kennuu dhabuudhaan ni qeeqama.

Fakkaattiin rakkoo hiikuu ykn fedhii imaammataa irratti hundaa'uu (problem solving or policy driven model) keessatti qaamni qorannoo gaggeessu haala qabatamaa qaama qorannoo fayyadamuu ilaalcha keessa galchee filannoo qaama fayyadamuu irratti hundaa'uudhaan furmaata dhiyeessa. Akkaataa dabarsa beekumsaa irratti qaamoleen lamaan mala itti walqunnaman qabaachuu isaan gaafata.

Fakkaattiin walatoommii (interaction model) immoo qaamni qorannoo gaggeessuu fi qorannoo raawwatu qorannoo gaggeessuufi hojiirra oolchuu irratti haala walfaana itti hojjetani dha. Fakkattiin biraa suutee (sedimentation

---

<sup>18</sup> Abate Kassaw and Selamawit Weldselassie, Research-Policy Linkage in Ethiopia: A Focus on Selected Ministries/Government Agencies and Research Institutions (Ethiopian Civil Service University, Paper on Public Policy and Administration Research, 2015), Vol.5, No.9, F89.

model) jedhamu immoo, dhiibbaan qorannoon qaama imaammata baasu irratti qabu kan alkallattii ta'ee fi altokkoon kan hin mul'anne, inumaayyuu jijjiirama hubannaa fi beekumsa suuta dhufuun qorannoon hojiirra akka oolu amana. Akka fakkaattii kanaatti qorannoon tokko rakkoo jedhame kallattiin, altokkooni fi guutummaatti hiikuu caala hubannoo argameen suuta furuu danda'a amantaa jedhu qaba. Fakkaattii kana jalattii qorannoo hojiirra oolchuuf qaamoleen biroo hubannoo fi dadammaqiinsa irratti hojjetan ni barbaachisu.

Qorannoon tokko hojiirraa akka oolu madda kaka'umsaa ykn fedhii irratti hundaa'uun fakkaattii hojiirra oolmaa qorannoo iddoo sadiitti hiruun ni danda'ama. Isaanis; kan qaama qorannoo gaggeesse irraa madduu (push/supply model), kan qaama qorannoo fayyadamu irraa madduu (pull/demand model) fi walhubannaa qaamolee kanneenii irraa kan madduu (interaction/engagement model) dha. Hojiirraa oolmaa qorannoo bu'a qabeessa taasisuuf fakkaattii walatoommii (interaction/engagement model) fayyadamuun ni gorfama.<sup>19</sup>

Fakkaattiin HOQ wantoota adeemsa hojiirra oolmaa qorannoo keessatti murteessoo ta'an afur of keessatti hammata. Isaanis; madda, ergaa, qaama fayyadamu (audience) fi mala (channel) dha. Maddi qaama qorannoo raawwatu ykn qorattoota yoo ta'an, ergaan immoo ragaa bu'aa qorannoo argamedha. Fayyadamtootni kanneen bu'aa qorannootti dhimma bahanidha. Malli akkaataa bu'aan qorannoo qaama qorate irraa gara isa fayyadamuutti ittiin darbudha. Kutaaleen adeemsa hojiirra oolmaa qorannoo kunneen walqabatanii kan hojiirra oolanidha. Muuxannoowwan argaman irraa akka hubatamutti, hojiirra oolmaa ergaa ykn argannoo qorannoo bu'a qabeessa gochuuf taatota imaammata (policy actors/makers) gaggeessa qorannoo keessatti dursanii hirmaachisuun baay'ee fayyada. Hirmaannan kunis, odeeffannoo wal jijjiruu hanga qorannoo waliin gaggeessuu bal'achuu danda'a. Taatotni imaammata gaggeessa qorannoo keessatti yommuu hirmaatan, qorattootni haala hojimaata imaammataa, akkasumas taatotni imaammataa immoo akkaataa gaggeessa qorannoo waan hubataniif, bu'aan qorannichaa dhiibbaa tokko malee salphaatti hojiirra ooluu danda'a. Qabxiin

---

<sup>19</sup> Jim Parsons, Indicators of Inputs, Activities, Outputs, Outcomes and Impacts in Security and Justice Programming, Department of International Development, 2013, F.8.

biraa akka muuxannootti ka’u, bu’aa qorannoo yeroo haala dhaqqabamaa ta’eefi hubatamuu danda’uun fayyadamtootan gahuun hojirra oolmaa qorannoo ni mijeessa. Haaluma kanaan, bu’aan qorannoo maxxansaan, marsariitiin, sab-qunnamtii hawaasaa, suur-sagalee fi haala biraa mijataa ta’etti fayyadamuun qaama fayyadamuu danda’u hunda biraan ga’uun barbaachisaadha. Bu’aan qorannoo kunis haala fayyadamtootaaf galuu danda’uun ta’uu qaba.

Walumaagalatti hogbarruu armaan olii irraa kan hubatamu HOQ keessatti dhimmoonni xiyyeeffannoo argatanii fi sakatta’amuu qaban: Qulqullinaa fi dhaqqabummaa qorannoo, haala qaama qorannoo gaggeessee, tarsimoo fi sirna HOQ, haala qaama qorannoo fayyadamuu fi Atoomina qaamolee qooda qaban waliin taasifamu dha.

### 2.3 SIRNA HOJIIRRA OOLMAA QORANNOO ILQSO

Inistiitiyuutichi hojimaata bittinnaa’aa fi rakkoolee sirna haqaa keessa jiran irratti qorannoon yaada furmaataa akka burqisiisu aangeffamee jira.<sup>20</sup> Hojii kana immoo yommuu raawwatu qaamolee rogummaa qaban biroo waliin atoomuu akka danda’u dambiin ni akeeka.<sup>21</sup> Haa ta’u malee, dambiin kun waa’ee hojiirra oolmaa qorannoo irratti kallattii hin keenye. Dambii kana bu’ureeffachuun qajeelfamni gaggeessa qorannoo irratti bahe<sup>22</sup> waa’ee gaggeessa qorannoo fi hojiirra oolmaa qorannoo qabxiilee hedduu kaa’ee jira. Akkaataa jalqaba gaggeessa qorannoo irraa kaasee haala qaamolee Inistiitiyuutichaan ala jiran waliin atooman, qorannoon gaggeeffamu kan rakkoo qabatamaa hiikuu danda’uu fi qulqullina kan qabu akka ta’u ni kaa’a. Dabalataan, bu’aawwan qorannoo Inistiitiyuutichaa dhaqqabamaa akka ta’anis qajeelfamichi kallattii kaa’ee jira. Haaluma kanaan, qorannoowwan erga gaggeeffamanii booda workishooppiif dhiyaatanii kan raggaasifaman yoo ta’u, itti aansuun argannoowwan qorannichaa akka hojiirra oolchaniif qaamolee dhimmi ilaallatuuf argannoo fi yaadni furmaataa akka ergamu ni taasifama. Qajeelfamni qorannoo kun akkaataa qorannoon Inistiitiyuutichaa hojiirra itti ooluu fi deeggarsa Inistiitiyuutichi qaamolee qorannoo fayyadamaniif taasisuu qabus hammatee jira. Dabalataan, Inistiitiyuutichi

---

<sup>20</sup> Danbii Hundeeffama ILQSO Lak.77/1999, kwt.7(3)

<sup>21</sup> Danbii Hundeeffama ILQSO Lak.77/1999, kwt.7(4)

<sup>22</sup> Qajeelfama Qorannoo Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Lakk.3/2004

qulqullina qorannoo gaggeessuu dabaluu fi hariiroo qaamolee alaa waliin uumuuf imaammata qorannoo baasee jira. Haaluma kanaan, imaammata qorannoo fi qo'annoo Inistiitiyuutichaa kutaa 6 jalatti akkasumas, qajeelfama qorannoo<sup>23</sup> keessatti waa'een hojirra oolmaa qorannoo kaa'ameera. Haaluma kanaan, Inistiitiyuutichi qorannoo hojirra oolchuuf wantootni itti aanan raawwachuu akka qabu ni akeeka:

- Seminaarota fi workishoopota adda addaa irratti dhiyeessu
- Konfirensota sadarkaa biyyaatti qooda fudhattoota, hoggantoota, ogeessota dhuunfaa fi kkf hirmaachise irratti dhiyeessuu
- Meeshalee Sab-qunnamtiitti fayyadamuu
- Daata beezii adda addaa keessatti bu'aa qo'annichaa fi qorannichaa galmeesanii qabaachuu
- Bu'aa qo'annoo fi qorannoo bifa kitaabaan maxxansuu
- Joornaalota adda addaa irratti yaada waliigalaa qorannoo fi qo'annoo ibsuu
- Qaama dhimmi isaa ilaalu waliin ta'uun fayyadamtootaaf bu'aa qorannichaa raabsu
- Weeb saayitii/marsariitii/adda addaa irratti lakkisuu
- Qaamolee qorannoo fayyadamaniiif deeggarsa ogummaa taasisuu kan jedhanidha.

#### **2.4 TOORA XIYYEEFFANNOO QORANNOOWWAN ILQSO FI YAADOTA FURMAATAA KENNAMAN**

Akkuma dambii hundeeffama Inistiitiyuutichaa keessatti ibsame qorannoon seeraa Inistiitiyuutichi gaggeessu dhimmoota gurguddoo lama irratti xiyyeeffata. Isaaniis: fooyyessa qaamolee haqaa fi sirna seeraati. Gama kanaan, qorannoowwan ILQSO yoo ilaallaman dhimmoota kanneen lamaan haala giddu-galeessa godhateen kan gaggeeffaman ta'uu ni hubatama. Akka waliigalaatti, qorannoo hanga ammaa gaggeeffamaa ture dhimmoota ijoo itti aanan irratti kan xiyyeeffatanii dha.

- Sirna keessoo Qaamolee Haqaa gama naamusa- gaafatamummaa sirna madaallii hojii fi ogeessaa cimsuu
- Iftoominaa fi bu'a qabeessummaa kenniinsa tajaajilaa qaamolee haqaa dabaluu

---

<sup>23</sup> Qajeelfama Qorannoo Lak.3/2004, kwt.16 (2).

- Bulchiinsa haqa yakkaa haqa-qabeessaa taasisuu
- Bu'a qabeessummaa adabbii fi haaromsa sirreeffamtoota seeraa dabaluu
- Bulchiinsa haqaa keessatti maatii, daa'immanii fi dubartootaaf eegumsa gochuu
- Sirna qabiinsaa fi itti fayyadama ragaa fooyyessuun ragaa sobaa to'achuu
- Qulqullina fi to'annoo saerotaa cimsuu
- Sirna itti-fayyadama lafaa cimsuu
- Sirna seeraa aadaadhaan utubuu
- Sirna hariiroo hojii haqa qabeessa gochuu
- Tajaajila abbaa seerummaa qaamolee haqaan alaa jiran haqa qabeessa taasisuu
- Mirga diinagdee fi fayyaa hawaasaa eegsisuu
- Sirna federaalizimii fi mirga ofiin of bulchuu cimsuu irratti kan xiyyeeffatanidha.

### **3. GABAASAA FI XIINXALA DAATAA HOJIIRRA OOLMAA QORANNOOWWAN ILQSO**

#### **3.1 GABAASA DAATAA AFGAAFFII FI MARII GAREETIIN FUNAANNAMEE**

Qorannoowwan ILQSO'n gaggeeffamaa turan argannoofi yaadota furmaataa hedduu qaamolee hojiirra oolchuu danda'an adda addaatiif akeekanii jiru. Bu'aan qorannoo fi yaadotni furmaataa kunneen qaamolee kanneeniif ergamanii hojii irra oolchun tajaajila kenniinsa haqaa naannichaa haqa-qabeessa, dhaqqabamaa, si'ataa fi tilmaamawaa akka ta'u taasisuun sirna haqaa naannichaaf faaydaa akka buusan taasisuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee, qaamoleen hojiirra oolchan bu'aa qorannoo kanneenii haala kamiin hojiirra oolchaa jiru kan jedhu hubachuuf qaamolee yaadotni furmaataa ilaallatu irraa daataan bifa af-gaaffii fi marii gareetiin funaannerra. Gabaasni daataa sassaabbaman kanaas akka itti aanutti dhiyaateera.

##### **3.1.1. Mana Murtii Waliigala Oromiyaa**

Argannoon qorannoowwan mana murtii ilaallatanii gurmaa'insa, bilisummaa, itti gaafatamummaa, iftoomina, si'oominaa fi bu'a-qabeessummaa tajaajila

Abbaa seerummaa akka cimsan kanneen akeekamanii dha. Hojiirra oolmaa Yaadota furmaataa mana murtiif laatamaniin walqabatee tarkaanfilee fudhatamanii fi sadarkaa hojiirra oolmaa qorannoowaan kanaa irratti ogeessotaa fi hooggantoota MMWO waliin<sup>24</sup> marii garee xiqqaa taasifnee yaadota itti aanu nuuf kennanii jiru.

Hirmaattotni marii garee kunneen akka waliigalaatti qorannoon ILQSO sirna haqaa ijaaruu keessatti ka'uumsa cimaa ta'ee jira yaada jedhuun jalqaban. Qorannoowwan hanga barbaadame hojiirra ooluu baatanis yaadotni furmaataa kaa'aman haala adda addaan yommuu hojiirra oolan ni mul'ata jedhu. Tokkoon tokkoo qorannoo mana murtiif gaggeeffamee ilaalchisees, hojiirra oolmaa isaaf tarkaanfilee fudhataman ibsuuf yaalaniiru. Fakkeenyaaf, qorannoo *Itti gaafatamummaa fi Naamusa Abbootii seeraa* akkasumas *Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa* jedhu xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamuu ibsan. Yaada furmaataa ijoo qorannoowwan kanneeniin akeekame dhimmi dagaagina naamusaa irratti hojjetamaa jira. Waajjirri Inspeekshinii dhimma naamusaas dabalatee, waajjira Inispeekshinii fi naamusaa jedhamuun gurmaa'eera jedhan. Itti gaafatamummaa waliin walqabatee yaadonni kennaman guutummaatti hojiirra oolus hubachiisaniiru. Inispeekshiniin sadarkaa Godinaatti gadi bu'ee akka gurmaa'u taasifamee jira. Haaluma walfakkaatuun, dambiin gurmaa'insa fi hooggansa Dhaddachaa bu'aa qorannoo ILQSO akka ta'e agarsiisan. Qorannoo *kanfaltii Abbaa seerummaa* irratti gaggeeffame bu'ureeffachuun seerri MMWOTiin wixineeffamee qaama dhimmi ilaaluu dhiyaatee jira. Ragga'ee seera akka ta'u eegaa akka jiran hubachiisan.

*Kenninsaa fi Barreessa Murtii* irratti qorannoon gaggeeffame bu'aa gaarii buusuu hirmaattotni marii kun dubbataniiru. Akkaataan Abbaan Seeraa murtii itti kennuu fi barreessuu irratti leenjiin kennamee fooyya'iinsi gaariin dhufe jedhan. Qorannoo *Sababoota Heddumina Dhimmoota Manneen Murtii* keessatti yaadotni akeekaman hojiirra akka oolanis agarsiistuu waliin kaasaniiru. Fakkeenyaaf, yaada furmaataa waldhabbi mala aadaan akka hiikamu manni murtii jajjabeessuu qaba jedhu bu'ureeffachuun labsii mana murtii naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuuf bahe labsii lakk.216/11

---

<sup>24</sup> Marii Garee ogeessotaa fi hooggantoota MMWO waliin gaafa 03/09/2013 gaggeefame. Hirmaattotni: Tacaan Margaa, Daarektara Daarektoreetii Qorannoo MMWO; Milkii Makuriyaa, Qindeessaa Tajaajila gorsaa fi Atoominaa, MMWO; Rattaa, Qorataa seeraa MMWO



keessatti manneen murtii jaarsummaa jajjabeessuu akka qaban tumee jira. Gahee barreessitootni ummataa falmii mana murtii baay'isuu keessatti qaban too'achuuf tumaan labsii abukaatoo haaraa keessatti hammatame yaadni furmaataa kun hojiirra ooluu agarsiisa jedhaniiru. Haaluma walfakkaatuun, tarsiimoon xiqqeessa dhimmaa mana murtiitti qophaa'ee leenjiin irratti kennamuun hojiirra oolaa akka jiru hubachiisan.

Qorannoo *Raawwannaa Tooftaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakka (RTD)* jedhu keessatti yaada furmaataa taa'e JBAH keessatti hammachiisuuf yaalameera jedhan. Manni murtii waajjiraa fi meeshaalee tajaajila kennuuf oolan akka guuttatu yaadotni kennamanis hojiirra ooluu ibsan. Fakkeenyaaf, itti fayyadamni teeknoolojii akka cimuu fi kan akka viidiyoo konfaransiifaatiin tajaajila kennuun babal'atee jira. Manneen murtii dhaddachaa fi waajjiira hojiif oolan haala hammayyaa'aa ta'een ijaarratanii itti fayyadamaa jiru. Qorannoo *Walitti Dhufeenya Sab-qunnamtii fi Manneen murtii* irratti gaggeeffame ilaalchisee, qajeelfamni manni murtii dhimma kana irratti baase jiraachuu baatus, tarsiimoo kominikeeshinii bocame dhimma kana akka haguugu kaasan. Qorannoo *Diiggaa gaa'ila fi Dantaa Olaanaa Daa'immanii kabachiisuu* irratti gaggeffaman ilaalchisee, maanuwaalii dhaddacha maatii qajeelchu akka baasan ibsanii jiru. Yaadota furmaataa hojimaataan akka sirreeffaman akeekaman leenjiin irratti kennamee hojiirra akka oolan ibsanii jiru. Haata'u malee, yaadotni furmaataa qorannoo *Hojiirra oolmaa adabbii hidhaan alaa* jedhuun kennaman baay'een isaanii hojiirra akka hin oolle ibsan.

Gara fuulduraatti, bu'aan qorannoo haala fooyya'aa ta'een, akkaataa hojiirra itti oolu danda'u irrattis hirmaattotni marii garee kun yaada kennanii jiru. Haaluma kanaan, qorannoo qaama hirtaa waliin qorachuun yaada hojiirra ooluu danda'an maddisiisuun bu'aa qorannoo haala salphaa ta'een hojiirra oolchuuf akka gargaaru ibsanii jiru. Marii adda addaa kan akka araddaa marii fayyadamuun tamsaasa qorannoo babal'isuu fi qaamoleen akka hojiirra oolchaan malaan amansiisuu (soft power) fayyadamuu, kanneen hojiirra hin oolchine haala itti ummataaf ibsamu (naming and shaming) irratti miidiyaa waliin hojjechuun hojiirraa oolmaa qorannoo jajjabeessuu akka danda'u ibsan. Hirmaattotni marii kun hojiirra oolmaa qorannoo mirkaneessuuf, seera baasuun garuu bu'aa hin fidu yaada jedhu qabu. Kunis, qaamoleen qorannoo ILQSO irraa fayyadaman hundi isaanii of danda'anii ILQSO'n olitti warra gurmaa'anii dha. Kanaaf, to'achuu ykn tarkaanfii fudhachuun ILQSO akka

rakkisu hubachiisan. Garaa koree fooyya'iinsa sirna haqaas dhiibbaan akka uumamu taasisuun barbaachisaadha jedhan. Dabalataan, ILQSO'n akkuma amma taasisu kana bu'aan qorannoo maal irra akka jiru yeroo, yeroon hordoffii fi deeggarsa yoo godhe irra caala hojiirra oolu danda'a yaada jedhu kaasani. Gama biraan, qorannoon haalaa fi yeroo qaamni fedhii qorannoo ibsate barbaadu keessatti gaggeessuun barbaachisaa ta'uu kaasan. Kunis qaamni fedhii ibsate bu'aan qorannoo yeroo inni barbaadu keessatti hin geenye taanaan fedhiin irra darba. Booda bu'aa isaas hojiirra oolchuun rakkisaa ta'a jedhan. Dabalataan, ILQSO'n maanuwaalii hojiirra oolmaa qorannoo baafachuun akka isa barbaachisu ibsamee jira. ILQSO'n qorannoo tokko gaggeessee sana bu'aa isaa osoo hin argin ykn galmaan hin ga'in kan biraatti ce'uun waan jiruuf kana sirreessuu qaba jedhan. Kanaaf, sirna HOQ tolchuun hanga dhumaatti itti deemuun barbaachisaa ta'uu hubachiisan. Walumaagalatti ogeessotaa fi hoggansa MMWO waliin marii gaggeefame irraa qorannoowaan tajaajila manichi kennu ilaalchisuun gaggeefamaniin yaadotni furmaataa akeekaman hedduun hojiitti kan hiikaman ta'uu fi kanneen hojiitti hin hiikamne muraasnis akka jiran hubachuun danda'ameera.

### 3.1.2. Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa

Yaadota furmaataa qorannoo ILQSOtiin mana hojichaatiif kennaman hojiirra oolchuu irratti maal akka hojjetame hubachuuf hooggansaa fi ogeessota mana hojichaa faana afgaaffiin taasifamee jira. Hoogganaan<sup>25</sup> mana hojichaa qorannoowwan mana hojichaa ilaalchisee, gaggeeffaman duubattii deebi'anii sakatta'uun qorannoo akkamiitu yaada furmaataa akkamii akeeke, kamtu hojiirra oole kamtu hojiirra hin oolle kan jedhu adda baasanii itti fayyadamuuf sochiirra kan jiran ta'uu nuuf ibsaniiru. Ogeessota<sup>26</sup> mana hojichaa waliin marii taasifneen qorannoon ILQSO manicha keessatti haala itti hojiirra oole nuuf qoodaniiru. Qorannoon ILQSO'n mata duree *Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Keessatti Mirgaa fi Dantaa Uummataa, Mootummaa fi Namoota Dhuunfaa Kabachiisuu: Aangoo Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Raawwii Isaa (2007)* gaggeesse guutummaatti hojiirra oole jechuun akka danda'amu nuuf kaasan. Kunis Abbaan alangaa dhimmoota hariiroo hawaasaa keessatti dantaa ummataa, mootummaa fi namoota dhuunfaa kabachiisuu haala kamiin gahee isaa bahuu qaba kan jedhu ifa kan hin turre yoo ta'u, qorannoo ILQSO booda

<sup>25</sup> Afgaaffii ob. Otokaanaa Odaa, Hoogganaa MHAAWO waliin gaafa 8/11/2013 taasifame

<sup>26</sup> Marii Gammachiis Leencaa, Wuddinash Tasfaayee, Gulummaa Lammuu Abbootii Alangaa MHAAWO, waliin gaafa 8/11/2013 taasifame.

labsiin fooyya'ee amma itti hojjetamaa jiraachuu nuuf ibsanii jiru. Seerichi aangoo manni hojii Abbaa Alangaa gama kanaan qabu ibsee jira. Gama biraan immoo, hojii kana haala bu'a-qabeessa ta'een hojjechuuf daarektoreetii of danda'e jalatti qindaa'ee hojjetamaa akka jiru nuuf ibsan. Sadarkaa biiroo fi godinaatti daarektoreetii, Aanatti immoo gareedhaan gurmaa'eera jedhan. Hariiroo mana hojichaaf qaamolee dhimma dhiyeeffatan gidduu jiru bulchuuf dambiin qophaa'ee jira jedhan. Hojii gama kanaan hojjetameen qabeenya hedduu qisaasama irraa oolchuu akka danda'an ibsaniiru. Gama biraan, bu'uura qorannoo ILQSO Adeemsa wixinee seeraa qopheessuu irratti gaggeesseen hojiin wixinee seeraa qopheessuu adda faffaca'aa ture mana hojichaa jalatti daarektoreetii of danda'e jalatti gurmaa'ee kan hojjetamaa jiru ta'uu ogeessi hubachiisee jira. Hojii wixinee seeraa qopheessuu kana raawwachuuf qajeelfama baafatanii itti hojjetaa akka jiranis nutti himan.

### 3.1.3. Komishinii Poolisii Oromiyaa

Akkaataa hojiirra oolmaa yaadota furmaataa KPOTiif akeekamanii ilaalchisee afgaaffii<sup>27</sup> taasifneen qorannoon ILQSO'n *dhimma naamusaa*, fi kanneen biroo irratti gaggeesse akka beekaniifii hojimaata komishinichaa fooyyeessuuf bifa adda addaatiin kan fayyadamaa turan ta'uu hubatamee jira. Qorannoo yakkaa ammayyeessuu fi qorannoo teekinikaa cimsuu irratti yaada furmaataa kenname hordofuun meeshaalee ammayyaa kan akka qorannoo Ashaaraa fi foorensikii bitanii itti fayyadamaa kan jiran ta'uu nuuf ibsan. Eegumsa ragaaf godhamu irratti Biiroo Haqaa waliin ta'uun dambiin haaraa qophaa'ee, bu'uura kanaan eegumsa kennaa akka jiran dubbatu. Qorannoo *Yakka gudeedutiin* yaadota kennaman hojiirra oolchuu keessatti gareen yakka gudeedii hordofu sadarkaa biiroo irraa eegalee hanga Aanatti dhaabbatee, qorattooni poolisii dubartootaa 313 leenji'anii Aanota hunda irratti ramadamanii hojjetaa jiru jedhan.<sup>28</sup> Iddoon tursiisaa kan daa'immanii qophaa'eera, kan dubartootaa immoo yeroof hospitaalota akka Adaamaa waliin waliigalamee kutaan qophaa'ee itti hojjetamaa jira. Yakkoota tiraafikaatiif xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa akka jiru ibsan. *Tajaajila Poolisii hawaasaa* diriirsuu irratti caasaan isaa daarektoreeti of danda'e jalatti gurmaa'ee hanga Gandaatti itti hojjetamaa jira jedhan. Ta'us, erga bara 2008

---

<sup>27</sup> Afagaaffii Komaandar Tsaggaayee Gazzahaany, Komishinii Poolisii Oromiyaatti Daarektera Qorannoo Foorensikii waliin gaafa 13/9/2013 taasifame.

<sup>28</sup> Afagaaffii Komaandar Tsaggaayee Gazzahaany, Komishinii Poolisii Oromiyaatti Daarektera Qorannoo Foorensikii waliin gaafa 13/9/2013 taasifame

sababa haala nageenyaatiif laafuu nuuf ibsan. *Naamusa ogeessaa* fooyyessuun walqabatee ammas rakkoon kan jiru akka ta'e leenjii adda addaa fi tarkaanfii naamusaa fudhachuun fooyyessuuf kan hojjetaa jiran ta'uu nuuf kaasaniiru. Gama kanaan, calallii poolisotaa irraa kaasee hanga leenjii kennamuutti hanqinni kan jiru ta'uu akka hubatan nutti himaniiru.

Ogeessota komishinichaa waliinis, afgaaffiin taasifamee jira. Ogeessonni<sup>29</sup> afgaaffiin taasifameef kunneen qorannoo ILQSO'n gaggeessaa ture hanga ta'e kan beekan ta'uu ibsan. Hojiirra oolmaa qorannoo yakka gudeeddii dubartootaa ilaalchisee, daarektarii<sup>30</sup> dhimma koorniyaa yaada itti aanu nuuf kennaniiru. Tajaajilli giddu-gala tokkotti dubartoota yakki gudeeddii irratti raawwatameef itti kennamu mijatee jira jedhan. Yakka gudeeddii dabartoota irratti raawwatu qoratanii haqa baasuus ta'ee miidhama dubartootaa bayyanachiisuuf qaamolee mootummaas ta'ee, mit-mootummaa gidduu qindoominni fooyya'aan jira jedhan. Yakkoota dubartootaa fi daa'imman irratti raawwataman jaarsummaan fixuuf jiddu-lixxummaa jiru irratti leenjiin ni kennama jedhan. Iddoon qorannoo yakkaa hanga ta'e fooyya'ee jira. Bakka tokko tokkootti immoo, of danda'ee akka gurmaa'u ta'ee jira jedhan. Qorannoon yakka daa'immanii fi dubartoota irratti godhamu ogeessota adda addaa kan akka ogeessa xiin-sammuu, hawaasummaa fi kkf deeggaramaa akka jiru ibsaniiru. Maanuwaaliin yakka saal-qunnamtii ittiin qoratamu akka Komishinii poolisii Oromiyaatti hin qophoofne, garuu kan federalaan fayyadamaa akka jiran ibsanii jiru.

### **3.1.4. Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa**

Akkuma qaamolee haqaa biroo argannoo fi yaadotni furmaataa qorannoo ILQSOTiin KBMSOTiif akeekaman hedduu dha. Kanneen keessaa ijoon: Gahumsa Hojii Haaromsa Sirreeffamoota Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa-(2006), Juvenile Justice System in Oromia Region, The Law And The Practice- (2006), Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa Sakatta'a Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa Naamusa (2008), Kenniinsa Koroora fi Dhiifama Sirreefamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa-Seeraa fi Hojimaata-(2010), Bulchiinsa Haqaa Yakkaa keessatti Qabiinsa Dhibamtoota Sammuu fi

---

<sup>29</sup> Afgaaffii Kom.Tashoomaa Indaalaa, Daarikteera Rifoormii, Insp/Ol Tigist Makuriyaa, Daarektara Dhi/Du/Da waliin gaafa 21/08/2013 taasifame.

<sup>30</sup>Afgaaffii Insp/Ol Tigist Makuriyaa, Daarektara Dhi/Du/Da waliin gaafa 21/08/2013 taasifame.

Namoota Dhagahuu fi Dubbachuu Hin dandeenyee-(2012) fi COVID-19' fi Kenniinsa Tajaajila Haqaa: Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa-(2012) kanneen jedhaniidha.

Haala yaadotni furmaata qorannoowwan kanneeniin akeekaman hojiirra itti oolan hubachuuf afgaaffiin hoogganaa komishinichaa<sup>31</sup> fi mariin garee ogeessota<sup>32</sup> KBMSO waliin taasifamee jira. Haaluma kanaan, qorannoo ILQSO'n gaggeessaa ture kan argannoo fi yaada furmaataa isaa irraa fayyadaman yoo jiraate akka nuuf kaasan gaafannee, hoogganaan komishinichaa qorannoowwan olitti ibsaman gaggeefamuu akka beekan fi yaadotni achirraa argaman sirna keessoo komishinichaa fi tajaajila isaan kennan fooyyessuuf galtee olaanaa akka ta'eef ibsaniiru. Haala haaromsa sirreeffamtoota irratti qorannoowwan gaggeeffaman yaada furmaataa isaanii baay'ee kan fayyadaman waan ta'eef, qorannicha hojiirra oolchuu isaanii hubachiisu. Manni sirreessaa iddoo jibbamaa ture irraa amma iddoo haaromsaa akka ta'u hojii hojjetame keessatti qorannoowwan kanatti fayyadamne jedhan. Haa ta'umalee, yaadota furmaataa tokko tokko sababa humnaatiin hojiirra hin oolchine jedhu. Fakkeenyaaf, haala sirreeffamtoota kunuunsa addaa barbaadan fooyyessuuf manni sirreessaa baajata hin qabu jedhan. *Kenniinsa koroora fi dhiifamaa* ilaalchisee, kenninsa koroora keessatti rakkoon hojimaataa ture akka furame kaasanii jiru. Dhiifama ilaalchisee, garuu ammas rakkoon akka jiru ibsan. Keessumattuu, boordiin dhiifamaa MHAAWO jalatti gurmaa'uus hojii dhiifama waan hojjetaa hin jirreef yaadota furmaata kennaman hojiirra oolchuun rakkisaa ta'e jedhan. Namoota mana sirreessaa keessa haaromsarra turan hawaasatti makamuun dura kanneen miidhan waliin akka araaraman hojjetaa jiraachuu isaanis kaasaniru. Namoonni kunneen erga bahanii haalli itti hordofaman kan hin jirre ta'uu garuu ibsaniiru. Ogeessota adda addaa ramadatani sirreefamaaf leenjii hubannoo fi tajaajila gorsa adda addaa kenna akka jiranis himaniiru. Ittisa dhibee 'COVID-19' ilaalchisees, manni sirreessaa qajeelfamoota bahan bu'uura godhachuun hojii hawaasa mana sirreessaa dhibee kana irraa ittisuu

---

<sup>31</sup> Af- gaaffii Komishinara Qaasiim Galgaloo, Komishinara KBMSO waliin gaafa 8/11/2013 taasifame.

<sup>32</sup> Insp/Ol – Yeshiworq Tasammaa, Raawwattuu Barnoota fi Leenjii Ogummaa Teekinikaa, Insp.Alamuu Miratuu, I/A Barreessaa Komishinaraa, Saj. Burtukaan Baqqalaa, Raawwattuu Gurmaa'insa sirreeffamaa Seeraa, Insp. Seefuu Baatirii, Qindeessaa Eegumsaa fi Odeeffannoo Sirreeffamaa, KBMSO waliin gaafa 9/08/2013 taasifame.

hojjeteera jedhan. Walumaagalatti, ILQSO'n gama qorannootiin hojii sirna haqaa cimsuu keessatti gahee guddaa taphataa kan jiru ta'uu ibsuun hojiirra oolmaa qorannoo akkuma ammaa kana yeroo, yeroon hordofuun gaarii akka ta'e ibsan.

Gama biraatiin, ogeessonni komishinichaa qorannoowwan kanneen gaggeeffamuu akka hin beekne ibsanii, garuu ILQSO'n akkaataa qabiinsa sirreeffamaa irratti leenjii baay'ee mana hojii isaaniitiif kan kenne ta'uu, leenjii kana irraa waan baay'ees akka fayyadamanii fi hojmaata sirrii hin turre baay'ee isaanii akka jijjiran hubachiisanii jiru. Erga leenjii fudhatanii jijjiirama hojimaataa fi hubannoo argame jedhanis ibsaniiru. Ogeessota hojii sirreeffamaa deeggaruu danda'an gama guuttachuutiin hojiin fooyya'an hojjetameera. Kanaanis, ogeessa xiin-sammuu, hawaasummaa fi seeraa akka horatan ibsaniiru. Mana sirreessaa keessatti sirreeffamtootni IMX gurmaa'anii hojii galii argamsiisu irratti hirmaataa akka jiran ibsaniiru. Haala sirreessa ykn haaromsa sirreeffamtootaa fooyyessuuf hojii baay'een akka hojjetaman ibsaniiru. Gama fayyaan manneen sirreessaa keessatti kilinika dhaabuun itti fufeera. Mana sirreessaa keessatti mana barnootaa dhaabuu fi sirreeffamaan hedduun carraa barnoota akka fayyadamu, kanaanis hanga sadarkaa digriitti akka baratan ibsanii jiru. Akkaataan qabiinsa ragaa sirreeffamaa fooyya'ee akka jiru ibsan. Qajeelfama jijjiirraa sirreeffamaas akka baasanii fi jijjiirraan sirreeffamaan mana sirreessaa tokkoo kan biraatti taasisu kanaan akka taasifamu ibsaniiru. Dhiifamni sirnaan kennamaa akka hin jirre, kun immoo sirreeffamaa biratti komii olaanaa akka kaasaa jiruu fi mana sirreessaas dhiibbaa jala galche jiraachuu ibsanii jiru. Namoota dhibee sammuu qaban mana sirreessaa keessa jiran addaan baasuun to'annoo irratti rakkoo waan qabuuf, yaada kana hojiirra oolchuun hin danda'amne jedhan. Sirreeffamtoota seeraa fi namoota yakkaan shakkamanii mana sirreessaa dhufaniif qorannoo sammuu gaggeessuun ammas rakkoo guddaa akka ta'e ibsamee jira. Akka waliigalaatti, qorannoo ILQSO haala fooyya'een hojiirra oolchuuf leenjii fi hubannoo cimsuun osoo baay'inaan jiraatee jedhaniiru. Qorannoon baay'een qoratamee booda ni irraanfataa waan ta'eef, kun otoo irratti hojjetamee jedhaniiru.

### 3.1.5. Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa

Haaluma walfakkaatuun yaadota furmaataa KNFM ilaallatan hojiirra oolchuufi hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO irratti hoogganaa fi ogeessa KNFM waliin afgaaffii taasifamee jira. Hoogganaan<sup>33</sup> komishinichaa yaadota itti aanan nuuf kennaniiru. ILQSO'n hojii qorannoo bu'aa guddaa buuse hojjetaa akka ture hooggansa kennaa turan irraa akka hubatan ibsani. Fakkeenyaaf, yommuu hoogganaa Ejansii Galmeessa Ragaalee Haalota bu'uuraa Oromiyaa turanitti qorannoo ILQSO'n dhimma galmeessa fi mirkaneessa ragaalee irratti gaggeesse tajaajila kennamu cimsuuf akka itti fayyadaman ibsanii jiru. Garuu, qorannoo sana hojiirra oolchina jennee ILQSO waliin dubbannee otoo hin taanee akkuma arganneen fayyadamne jedhan.

Rakkoo guddaan hojiirra oolmaa qorannoowwan ILQSO'n walqabatee jiru hojiilee qorannoo haala barbaadamuun qaama hojiirra oolchu ykn dhiibbaa uumu biraan gahuu (communicate) dhabuu akka ta'e kaasani jiru. Keessumattuu, dhiyeessa qorannoo irratti qaamolee hirmaachuu qaban hunda hirmaachisuu dhabuuni fi qorannoo beeksisu irratti laafinni kan jiru ta'uus dubbatan. Qorannoo gaggeessinii dhiisuun qorannoo biraatti ce'uun kan amaleeffatame ta'uu ibsan. Qorannoo saayinsii qorannoo irratti xiyyeeffatu yoo ta'e, qaamolee fayyadamanis rakkisuu danda'a waan ta'eef ILQSO'n haala qabatamaa fayyadamtootas ilaalcha keessa galchuu qaba yaada jedhu kaasaniiru. Qaamoleen bu'aa qorannoo hojiirra oolchuu qaban atoomuu dhabuu ni mul'ata. ILQSO'n hojiirra oolmaa qorannoo dirqisiisuuf humna waan hin qabneef, qaamolee gaafatamummaa kana qaban kan akka Caffeeffaa waliin hojjechuun barbaachisaa akka ta'e kaasani jiru. Seerri Caffeen baase hojiirra sirnaan hin oolle taanan ILQSO'n kana qoratee Caffeess beeksisaa. Kanaaf, Caffeen bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'uun tarkaanfii adda addaa fudhachuutu irra jira. Kun immoo hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO kan mirkaneessu ta'a jedhan. Haa ta'umalee, seera baasuun qaamoleen dhimmi ilaallatu bu'aan qorannoo akka hojiirra oolchan dirqisiisuun rakkisaadha. Qaamoleen haqaa kan akka Mana Murtii, Abbaa Alangaa, Komishinii Poolisii fi kkf caaseffamni isaanii fi gulantaan isaanii kan ILQSO'tii ol waan ta'eef,

---

<sup>33</sup> Af-gaaffii ob. Tashoomaa Girmaa, Komishinara KNFMO waliin gaafa 23/08/2013 taasifame.

dirqisiisuun rakkisaa akka ta'e ibsan. Seera baasuu caalaa bu'aa qorannoo ibsanii qaamolee hojiirra oolchuu didan kana maqaa kaasuu (naming and shaming) fayyadamuun gaaridha yaada jedhu kennaniiru. Hojiirra oolmaa qorannoo keessaatti yaadni furmaataa kaa'ame hundis haala barreeffameen hojiirra oola jedhanii eeguun akka hin danda'amne dubbatan. Qaamolee hirtaa sirnaan hirmaachisuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, haalli qorannoon Mana Murtii Aadaa ittiin gaggeefamee fi hojiirra itti oolaa jiru baay'ee gaaridha. Faallaa kanaa immoo, qorannoon *dhimma galii* irratti gaggeefame jalqabuma warraa fayyadaman waliin waliigalteen kan gaggefame hin fakkatu. Bu'aan qorannoo yommuu dhiyaatuus akka malee falmaa turan. Hojiirra oolmaa isaa irrattis hojii ILQSO'n hojjeteef beekamtii kennuun akka hin turre kan hubatan ta'uu nuuf kaasani.

Ogeessi<sup>34</sup> komishinichaa afgaaffiin taasifameef qorannoo ILQSO'n *Bu'a qabeessummaa komishiinii Farra malaammaltummaa* irratti gaggeesse akka beeku, haa ta'u malee qorannichi woorkishooppiif akka hin dhiyaanne fi bu'aan qoranichaas akka hin ergamneef ibsee jira. Hanqina qulqullinaa irraa kan ka'e argannoowwan qorannoo ILQSO tokko tokko hojiirra oolchuun akka rakkisu dubbatan. Kanaaf, ILQSO'n qulqullina argannoowwanii fooyyessuu qaba. Qaamolee hojiirra oolchan waliin marii taasisuu qaba jedhani. Hojiirra oolmaa qorannootis yeroo yeroon sakata'aa deemuun gaaridha jechuun yaada isaanii nuuf kennaniiru. Qorannoo KNFM ilaallatuun walqabatee sakatta'a sanadaa taasifne irraa akka hubatamutti qorannichi erga xumurameen booda osoo workishooppiif hin dhiyaatin kan hafee fi komishiinichaafis kan hin ergamin waan ta'eef, hojiirra oolmaan walqabatee hanqinni gama ILQSOn jiraachun adda baheera.

### **3.1.6. Waajjira Qindeessituu Koree Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Oromiyaa**

Yaadota furmaataa waajjiricha ilaallatan akkamitti hojiirra oolchaa jirtu jechuun afgaaffii hoogganaa waajjirichaa fi ogeessa gaafanee jirra. Hoogganaan<sup>35</sup> waajjirichaa yaada waliigalaa nuuf kennan. ILQSO qorannoo

---

<sup>34</sup> Afgaaffii Ob.Barreessaa Baqqalaa, Ogeessa Seeraa K/Farra malaammaltummaatti waliin gaafa 28/08/2013 taasifame

<sup>35</sup> Afgaaffii Komishinar Abbabaa Laggasaa, Hoogganaa W/ra QKFSH waliin gaafa 03/09/2013 taasifame.



ciccimaa baasii mootummaa fi humna namaa baasuun akka gaggeessuu fi bu'aan isaas baay'ee gaarii akka ta'e hirmaannaa yeroo adda addaa hojii ILQSO'n hojjetu irratti godhaniin akka beekan ibsan. Haa ta'u malee, bu'aan qorannoo kun akka barbaadame hojiirra oolaa hin jiru kan jedhu yaada akka qaban himani. Kanneen hojjiira oolani bu'aa gaarii buusanis akka jiran ibsan. Fakkeenyaaf, Polisiin hawaasummaa iddoo adda addaatti babal'atee hawaasa akka tajaajilu kan godhame bu'aa qorannoo ILQSO irraa ka'uun akka ta'e ibsan. Qaamoleen qorannoo hojiirra oolchuu qaban hanqina akka qaban kaasanii jiru. Sababoonni qaamoleen adda addaa qorannoo hojiirra oolchuu irratti hanqina agarsiisaniif jechuun tarreessanii jiru. Akanaanis; hojiin hojjatamu sirna fi qorannoo irratti osoo hin taanee nama irratti kan hundaa'e ta'uu, maal na dhibdeen baay'inaan jiraachuu, jijjiramni hooggansaa baay'achuun tasgabbiin dhabamuu, hubannoon bu'aa qorannoo dhabuu faadha jedhanii akka amanan kaasanii jiru. Rakkoo kana furuuf, ILQSO'n qaamolee qorannoo fayyadaman waliin baay'ee walitti siqee hojjechuu akka qabu akeekani. Qaamolee bu'aa qorannoo hojiirra oolchuu didan illee haalli gaafatamummaa isaanii itti mirkaneessan jiraachuu qaba jedhan. Keessumattuu, dambii hundeeffama isaa irratti seerri kana isa dandeessisu otoo dabalamee jedhaniiru. Yoo kun hin danda'amne immoo, qaamolee to'annoo fi hordoffii gaggeessan keessumattuu caffee waliin sirnaan hojjechuu akka qabu ibsan. Koree sagantaa fooyya'iinsa haqaa kana laaffisuun yeroo ammaa kan mul'atu ta'uu hubachiisaniiru. Ogeessi<sup>36</sup> waajjirichaas dhimmoota waajjirichaa ilaalchisee akka irratti hojjetan qorannoon akeekaman irratti kan itti aanu nutti himanii jiru. Bu'aan qorannoo hedduun waajjiricha akka gahe ibsaniiru. Fakkeenyaaf, qorannoon dhimma bu'a-qabeessummaa waajjirichaa irratti gaggeeffame isaan ga'ee waajjirichis qorannicha hojiirra oolchuuf karooraa akka qabu ibsan. Haa ta'umalee, qorannoowwan ILQSO kana bu'ura godhachuun wixinee dambii fi qajeelfamoota adda addaa qopheessanii KSFH walitti qabamee akka mirkanaa'u gochuu hin dandeenye jedhan. Yeroo ammaa kana korichas ta'ee waajjirichi maqumaaf jira jedhan.

### 3.1.7. Waajjira Caffee Oromiyaa

Akkaataa yaadota furmaata Caffee akeekaman hojiirra itti oolan irratti hooggansa Caffee waliin afgaaffii taasifnee jirra. Itti aantuun Afyaa'ii Caffee<sup>37</sup>

<sup>36</sup> Af- gaaffii ob Muluuqan, Ogeessa W/ra QKSFH, waliin gaafa 03/09/2013 taasifame.

<sup>37</sup> Afgaaffii Ad. Mayibuubaa Adam, Itti Aantuu Af-yaa'ii Caffee Oromiyaa waliin gaafa 14/09/2013 taasifame

yaada itti aanu nuuf kennan. ILQSO'n dhimmoota akka naannoo fi biyya keenyatti rakkoo ta'an qorachuun furmaata kaa'aa turuu akka hooggansaattis beeka jedhan. Qorannoo gahuumsa qabu gaggeeffamaa turus hanga barbaadamu hojiirra oolaa akka hin turre kaasan. Qaamoleen dhimmi ilaalatu fudhatanii itti fayyadamuu irratti rakkoo akka qaban beekuu ibsan. Qaamoleen dhimmi isaan ilaalatu jalqaba rakkoo kanan qaba naaf qoradhaa waan hin jenneef booda qorannoo akka qaama hanqinaa fi rakkoo qofa barbaadutti (fault finder) godhanii fudhatanii hojiirra oolmaa isaa irratti fedhii akka dhaban dubbatan. Qorannoo dhimma *seera wixineessuu fi qulqullina seerotaa eegsisuu* irratti gaggeeffame akka beekanii fi itti fayyadamuun seeraas akka baasan ibsaniiru. Qorannoo *akkaataa dambii fi qajeelfamni seerota Caffeen baase waliin wal simachuu* irratti gaggeeffames akkanuma hojiirra oolchaa akka jiran ibsan.

Ogeessota<sup>38</sup> waajjira Caffee waliinis afgaaffii gaggeessinerra. Qorannoo ILQSO'n dhimmaa Caffee ilaalatu irratti gaggeesse kan akka *mana murtii Aadaa hundeessuuf* gaggeeffame fa'a akka beekan ibsaniiru. Qorannoo *sirna adeemsa wixinee seeraa baasuu* irratti gaggeeffame immoo labsii dhimma kana qajeelchu baasuu keessatti fayyadamuu isaanii kaasuun labsichi bu'aa qorannoo ILQSO akka ta'e dubbatan. Seera bulchiinsaa qindaa'aa ta'e fi dhimma eegumsa shammatootaa irratti akka Caffeen seera baasu kan akeekame garuu dhimmichi aangoo Caffee osoo hin taanee kan mootummaa federaalaa akka ta'e waan amananiif, hojiirra akka hin oolchine ibsan. Dambii fi qajeelfamni yommuu ba'an, hirmaannaan ummataa akka jiraatu tattaaffiin godhamaa jira jedhan. Wixineen dambii hanga tokko dursee caffee akka dhiyaatu yommuu godhamu jira. Garuu walfakkeenyaaf fi itti fufiinsa akka hin qabne ibsaniiru. Qorannoon ILQSO akka hojiirra hin oolchine gabaasni qorannoo isaanii ergamu itti fayyadamuuf kan isaanitti bal'atu ta'uu ibsan. Fakkeenyaaf qorannoo tokko fayyadamuuf yaalanii cuunfaa isaa fudhachuuf yeroo dheeraa kan itti fudhate ta'uu kaasani. Osoo haala isaaniif ta'uun salphatee gaarii akka ta'e ibsan. Gama biraan bu'aa qorannoo xalayaa erguu qofaan otoo hin taanee ILQSO'n duuka bu'ee hordofuun akka irra ture kaasu. Bu'aa qorannoo maxxansuun qaamolee barbaachisu biraan osoo ga'amee caalmatti hojiirra

---

<sup>38</sup> Afgaaffiiwwan ob. Abdii kadir fi Addisuu Malaakuu, Gorsitoota Seeraa, Waajjira Caffee Oromiyaa waliin gaafa 09/09/2013 taasifame.

ooluu danda'a jedhan. Miseensi<sup>39</sup> koree dhaabbii dhimma bulchiinsaa fi seeraa hojiirra oolmaa qorannoo irratti dubbisnes qorannoo ILQSO hojii Caffeen hojjetu hedduu keessatti galtee akka ta'e yaadota olitti ka'an cimsuun hubachiisaniiru.

### **3.1.8. Biiroo Dhimma Dubartoota, Daa'immanii fi Dargaggootaa Oromiyaa**

Sirna haqaa keessatti rakkoowwan eegumsa mirga dubartootaa fi daa'immanii mul'atu ilaalchisee qorannoowwan gaggeefamaniin yaadotni furmaataa BDhDDDO ilaallatan qorannoo sadiin adda bahan hojiirra oolmaan isaanii ilaalameera. Qorannoowwan kunis *Murtii Dhimma Maatii Keessatti Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Taasifamuu Qabu:Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa- (2005), Gahee Mana Murtii fi Maanguddoon Araaraa Baay'achuu Diiggaa Gaa'ila Furuu Keessatti Qaban- (2005) fi Yakka Dirqisiisanii Gudeedu Rakkoowwan Qoranno Yakkaa Irraa Hanga Murtii Kennisiisutti Mul'atan - (2007)* kanneen jedhanidha. Haala hojiirra oolmaa yaadota furmaata qorannoo kanneenii ilaalchisee mariin garee ogeessotaa fi hooggantoota biirichaa<sup>40</sup> waliin gaggeeffamee jira. Gaaffiin duraa hirmaattota marii garee kana gaafanne qorannoo ILQSO'n dhimma daa'immanii fi dubartootaa irratti gaggeesse beekuu fi dhiisuu isaanii ture. Hirmaattota marii garichaa keessaa lama hin beeknu yoo jedhan, tokko immoo dhimma gudeeddi irratti qorannoon Inistiitiyuutichaan gaggeeffame bu'aan isaa biiricha dhufuu akka beeku, qabiyyee isaa garuu akka hin beekne ibsanii jiru. Itti aansuun yaadota furmaata qorannichaan kaa'aman maal irra akka jiran gaafatamaniiru. Marii garee kana keessatti hirmaattotni qabiyyee qorannoo ILQSO akka hin beekne ibsaniiru. Itti aansuun yaadota furmaataa qorannichaan akeekaman ofii keenya hirmaatota marii kanaa yaadachiisuun haalli hojiirra oolmaa isaanii maal akka fakkaatu gaafannee jirra. Hirmaattotni kunneenis yaadotni furmaataa kunneen rakkoolee biiroo isaanii mudataa tureef furmaata akka ta'anii fi isaanis akka mana hojii tokkootti hojii hojjetaniin kan wal simu ta'uu nuuf ibsanii jiru. Fakkeenyaaf, walitti

---

<sup>39</sup> Afgaaffii Ad. Misraa Juneeydii, Caffee Oromiyaatti Miseensa Koree Dhaabbii Seera Baastuu Oromiyaa waliin gaafa 27/09/2013 taasifame.

<sup>40</sup> Marii Garee ogeessota Biiroo Dhimma Dubartoota Daa'immanii fi Dargaggoota Oromiyaa; Maarimaa Amaano, Daarekteera Daarektoreetii Mirkaneessa Mirgaa fi Nageenya Daa'immanii, Usmaan Ibraahiim, Daarekteera Daarektoreetii Hirmaannaa fi Sosochii Daa'imman, Dubartootaa fi Dargaggootaa, Darajjee Laggasaa Ogeessa Dhimma Daa'immanii waliin gaafa 11/08/2013 taasifame.

dhufeenyi qaamolee haqaa, caasaa biirichaa fi dhaabbilee fayyaa gidduu jiru baay'ee fooyya'uu fi qindoominaan hojjetaa akka jiran ibsanii jiru. Iddoo turmaata daa'immanii fi dubartoota yakki irratti raawwatee ykn giddu-gala tajaajila qindaa'aa hospitaalota gara jahaa ta'an waliin ta'uun tajaajila laataa jiraachuu isaanii hubachiisaniiru. Kana babal'isaas akka jiran ibsan. Qorattootni poolisii dubartootaa sadarkaa Godinaattis ta'ee Aanaatti leenjiin kennameefii baay'inaan ramadamanii yakkoota daa'immanii fi dubartoota irratti raawwataman akka qoratan ibsanii jiru. Caasaa dhimma dubartootaa fi daa'immanii hanga sadarkaa Aanaatti fooyyessuun ogeessonni akka hawaasummaa, xiin-sammuu fi ogeessa seeraa akka qabaatu taasifamee jiras jedhan.

Hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO akkamiin akka fooyyessuun danda'amu irrattis, yaada itti aanu nuuf kennaniiru. Qorannoon yommuu gaggeeffamu qaamolee fayyadaman faana wal hubannoon osoo jiraatee gaaridha. Qorannoon gaggeeffames bu'aan isaa sirnaan qaamolee hirtaaf beeksifamuu qaba. Keessumattuu, haalli qorannoon waraqaa irratti maxxanfamee itti kennamu akka sirritti hawwataa fi yeroo dheeraaf turuu danda'utti otoo qophaa'ee gaaridha. Qorannoon websaayitii irratti osoo gadhiifamees yaadota jedhan nuuf kaasaniiru.

### **3.1.9. Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa**

Hojiilee BDhHHO hojjetu ilaalchisee ILQSO'n qorannoowwan lama gaggeesseera. Isaanis, *Hariiroo Hojii fi Sirna Hiikkaa Waldhabbi Falmii Hojii Keessatti Rakkoolee Mul'atan- (2007) fi An Assessment on effectiveness of Oromia Labor Relation Board - (2008)* kan jedhaniidha. Akkaataa yaadonna furmaataa qorannoowwan kanneen lamaanii kennaman biirichaan hojiitti hiikaman irratti ogeessota biirichaa waliin marii taasifnee jirra. Itti aansuun yaada isaanii akka itti aanutti dhiyeessina. Ogeessonni kunneen ILQSO'n dhimmoota kanneen lamaan irratti qorannoo gaggeessuu akka beekani fi sana boodas yaadota furmaataa akeekaman hojiirra oolchuu keessatti Inistiitiyuuticha waliin hariiroo gaarii kan qaban ta'uu kaasuun hubachiisani jiru. Qorannoowwan ILQSO kunneen mana hojjichaa fi tajaajila isaan kennan fooyyeessuu keessatti gahee guddaa kan taphatan ta'uu ibsaniiru. Qorannoo *Hariiroo Hojii fi Sirna Hiikkaa Waldhabbi Falmii Hojii Keessatti Rakkoolee Mul'atan (2007)* jedhuun yaadotni furmaataa kennaman hedduun isaaniis hojiirra oolaniiru jedhanii akka amanan hirmaattotni marii garee kun ibsaniiru.

Jalqaba irratti, qorannoo ILQSO'n dura manni hojii isaanii xiyyeeffannoo guddaa kan hin argannee fi sadarkaa Ejansiirra kan ture ta'uu ibsuun yaada furmaataa qorannoo irraa argameen gara biirootti akka guddatee fi xiyyeeffannoos kan argate ta'uu hubachiisaniru. Ejansiiwwan hojjetaa fi hojii wal-qunnamsiisan to'achuuf haguuggiin seeraa jiru qaawwa waan qabuuf, seerri bahuu qaba jedhamee kan akeekame, seeronni Ejansiiwwan kanneen to'achuuf oolan bahuu isaanii ibsaniiru. Keessumattuu, qajeelfamni hojii Ejansiiwwan biyya keessaa to'achuuf bahe bu'uura yaada furmaataa qorannoo ILQSO kan 'gaafatamummaa cimdee fi qeenxee ejansii fi dhaabbata fayyadamaa' jedhuun akka fooyya'e kaasaniiru. Qaxarriin dura, yommuu hojjetaan hojiirra jiruu fi yommuu hojjetaan hojii gadi dhiisu qorannoon fayyaa hojjetaaf akka taasifamu yaada dhiyaate bu'uureffatee hojiin jalqabamee jira. Dhaabbileen akka qorannoo kana gaggeessan dhiibbaan taasifamu dabalaa dhufee jira. Dhiibbileenis qorannoo kana gaggeessuu fudhataa jiru jechuun akka fakkeenyaatti '*Teeknoo Mobaayilii*' fi Warshaa Simintoo '*Daangotee*' jedhaman ta'uu kaasaniiru.

Sirni guddinaa, jijjiirraa fi haalli bulchiinsa humna namaa dhaabbilee hojjechiistotaa fooyya'aa dhufeera. Erga qorannoon kun gaggeffamee manni hojii isaanii ILQSO fi dhaabbilee deeggarsaa adda addaa waliin ta'uun hubannoo uumeen haalli isaa kan duraa irra fooyya'ee jira. Dhaabbileen dambii hojii akka qabaatan gorfamanii dambii hojii keessatti haalonni kunneen ibsamaa jiru jedhaniiru. Dhaabbilee hojjechiistotaa hedduu biratti hojjetaan gargaarsa yaalaa haalli itti argatu mijataa jira. Lakkoofsi waldaa hojjetootaa akka waliigalaatti dabalee jira. Hojjetaan mirga gurmaa'uu isaatti akka fayyadamu hubannoo uumuu fi haala mijeessuu irratti hojjetamee jira. Qorannoo ILQSO booda Boordii dhaabbataa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa haaraa lama dabalamanii akka jiranis ibsameera. Sadaffaa hundeessuufis adeemsa irraa akka jiran himaniiru. Kunis yaada qorannoo ILQSO lameen olitti ibsame irraa fudhatameen akka ta'e hubachiisan. Haalli walga'ii fi hojimaataa Boordii akkasumas durgoon miseensota boordii yaada qorannoo *An Assessment on effectiveness of Oromia Labor Relation Board-(2008)* jedhu bu'uureffachuun fooyya'ee jira. Yaadota qorannoon adda bahan kanneen BDhHHO qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeesse murtee akka argatu, akkasumas hojiirra akka oolu taasiseera jechuun yaada isaanii nuuf kennani.

### 3.1.10. Biiroo Paabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa

Yaada furmaataa qorannoo *Rakkoolee Bu'aa Qabeesummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa fi Aangoo Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee-Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa-* (2009) jedhamuun kenname haala hojiirra itti oolchan ilaalchisee, afgaaffiin Abbootii seeraa<sup>41</sup> mana murtii bulchiinsaa waliin gaggeeffamee jira. Isaanis yaada kennaniin qorannoon kun isaan dhaqqabee argannoowwan qorannichaa irraa akka fayyadaman ibsanii jiru. Yaadota labsiin dura ture akka fooyya'u akeeku irratti hundaa'un labsiin fooyya'e labsii lakk.215/2011 akka bahu ta'eera. Labsiin kun dhaqqabummaa mana murtichaa fooyyessuuf bakka barbaachisetti dhaddacha hundeessuu akka danda'an kan aangeesseedha jedhan.<sup>42</sup> Murtiilee beenyan walqabataniin kennaman irratti M/Murtii Idilee keessa deebin akka ilaaluu danda'u wixineen dambii qophaa'ee jira.

### 3.1.11. Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa

Qorannoowwan *Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu: Rakkoowwan Qoranno Yakkaa Irra Hanga Murtii Kennisiisutti Mul'atan -* (2007) fi *Bulchiinsa Haqaa Yakkaa keessatti Qabiinsa Dhibamtoota Sammuu fi Namoota Dhagahuu fi Dubbachuu Hin Dandeenyee-* (2012) jedhan yaada furmaataa BEFO ilaallatan akeekaniin jiru. Akkaataa hojiirra oolmaa yaadota kanaa hubachuuf ogeessa biirichaa<sup>43</sup> waliin afgaaffii taasifnee jirra.

Haaluma walfakkaatuun, qorannoon ILQSO hojii isaanii keessatti fayyadaman yoo jiraate gaafannee, dhimma mana hojii isaanii waliin walqabatu irratti ILQSO'n qorannoo gaggeessuu akka hin beekne ibsanii jiru. Garuu akka mana hojii isaanitti karoora qabataniin miidhaa fi yakka fayyaa dubartootaa miidhan hambisuu fi fooyyeessuuf qaamolee haqaa keessattuu, Poolisii, Mana murtii, waajjira haqaa fi BDhDDDO waliin qindaa'anii akka hojjetan ibsanii jiru. Qaamolee kanneen waliin karoora waliinii qabaachuus ibsanii jiru. Qindoomina qaamolee haqaa fi tola ooltota waliin taasifameen giddu-galli tajaajilaa qindaa'aa (one-stop center) hoospitaalota 6 keessatti

---

<sup>41</sup>Af-gaaffiiwwan Ob. Silashii Fiqaaduu, Biiroo Sivil Servisii Oromiyaatti Itti-gaafatamaa M/Murtii Bulchiinsaa fi Ob. Misgaanaa Saaqqataa Walittiqabaa Koree M/Murtii Bulchiinsaa waliin gaafa 29/08/2013 taasifame.

<sup>42</sup>Afgaaffii Ob. Silashii waliin taasifame (Akkuma 41ffaa).

<sup>43</sup>Afgaaffii Ad. Nabhii Dirribaa, Daarektara Daarektoreetii Korniyaa Idileessuu, BEFO waliin gaafa 9/08/2013 taasifame.

gurmaa'ee hojiin yakka saal-qunnamtii dubartoota irratti raawwataman qorachuu fi tajaajila fayyaas kennuun wal faana hojjetamaa jira jedhani. Maannuwaaliin hojii qorannoo fi qindoomina gocha mirga dubartootaa tuqu irratti godhamu qajeelchuuf akka federaaalatti qophaa'ee jira. Akka naannootti immoo Afaan Oromootti hiikamee kan itti hojjetaa jiran ta'uu ibsaniiru. Qaamolee hirtaa waliinis karoora waliinii kan qabanii fi qindoomina gaarii akka qaban himanii jiru.

Qorannoo *namoota dhibee sammuu qabanii fi dhaga'uu fi dubbachuu hin dandeenye* irratti gaggeeffames akka hin beekne kaasaniiru. Haa ta'umalee, rakkoo kana ofii isaaniis waan hubataniif, giddu-gala namootni dhibee sammuu qaban itti yaalaman (trauma center) hundeessuuf BEFO adeemsa irra akka jiru ibsanii jiru. Giddu-galeessi, caaseffamni isaa fi akkaataan kenna tajaajila isaa qoratamuutti jira jedhan.

### **3.1.12. Komishinii Investmentii Oromiyaa**

Yaadota komishiinicha ilaallatan hojiirra oolchuu irratti afgaaffiin ogeessa komishinichaa waliin goone kan itti aanudha. Ogeessi kun akkuma ogeessota biroo, qorannoon ILQSO'n dhimma mana hojii isaani irratti hojjate akka hin beekne ibsan. KIO hojiilee Investmentiif heeyyama yommuu kennan sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo gaggeefamuu akka mirkaneessan ibsanii jiru. Dhaabbileen kanaan dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo osoo hin taasisin hojiitti galan to'achuu fi sakatta'iinsa akka taasisan gochuun akka dabale hubachiisaniiru. Akkaataa gurmaa'insa boordii Investmentii irratti jijjiramni hin taasifamne jedhan.

### **3.1.13. Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa**

Qorannoowwan *Falmii Lafa Baadiyaa Hiikuu* jedhuu fi *Qabiyyee Faayidaa Ummataaf Gadi Lakkisuu* jedhu keessatti yaadota furmaataa taa'an haala kamiin hojiirra akka oolan hubachuuf afgaaffiin ogeessota waliin agggaffamee jira. Kunumaan, ogeessi waa'ee qorannichaa gaafatame tokko, bu'aan qorannoo ILQSO irraa mana hojii isaaniif dhaqqaabuu akka hin beekne, qorannichi gaggeeffamuus akka hin beekne ibse.<sup>44</sup> Itti aansuun yaadota furmaataa akeekaman kaasuun maal irra akka jiran gaafannee jirra.

---

<sup>44</sup>Afgaaffii Ob. Tashoomaa Laggasaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaa Oromiyaatti ogeessa Tilmaama Beenya waliin gaafa 26/08/2013 taasifame.

Yaada itti aanu nuuf kenne. Seerotni lafa baadiyaa rakkoo kan qaban hanga ammaatti akka hin fooyyofnee fi barsiifatumaan kan hojjetan ta'uu ibsani. Akkaataa shallaggii beenyaa irratti qajeelfamni akka hin fooyyofnee fi labsiidhumaan hojjataa akka jiran ibsan.<sup>45</sup> Ogeessi biraa afagaaffin taasifameef, lafa Baadiyaa irratti qorannoo gaggeeffame akka beeku, dambii lakk.151/2005 baasuuf qorannicha kan fayyadaman ta'uu ibsee jira.<sup>46</sup> *Qabiyyee faayidaa ummataatif gadi lakkisiisun* akkaataa shallaggii beenyaa irratti qajeelfamni akka qophaahuf sochiin taasifamaa ture, garuu hanga ammaatti qajeelfamni akka hin baane dabalee ibseera. Beenyaa dabarsa lafaa fi tajaajiloota biroo hojjimaata qofaan itti hojjataa turan uwwisaa seeraa akka qabaatu qorannoo gaggeessuun irratti hojjetaa jiraachuu ibsani. Yaada ILQSO'f kennanniin immoo qorannoo beeksisuu irratti hanqinni akka jiru kaasaniiru. Woorkishooppii qophaa'u irratti qaamota hirmaachuu qaban hunda afeeruun osoo danda'amee jedhaniiru.

### **3.1.14. Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa**

Qorannoo *Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa* jedhu keessatti yaadota abbaa taayitichaaf akeekaman hojiirra ooluu isaanii qulqulleessuuf ogeessa abbaa taayitichaa waliin afgaaffiin taasifamee jira. Qorannoon kun hirmaannaa isaaniitiin akka qoratame ibsanii bu'aa qoranichaas hojiirra oolchaa kan jiran ta'uu ibsan.<sup>47</sup> Qabeenya bishaanii naannichaa bulchuu fi itti fayyadamuu irratti seerota federaalaan bahan kan aangoo naannoo keenyaa dhiiban akka fooyya'an manni hojii isaanii dhaabbata '*Yaa'a Abbaay*' jedhamu waliin akka mari'atanii fi waliigaltee mallatteessan ibsaniiru. Dabalataan bulchiinsa qabeenya bishaan naannichaa irratti naannoon keenya seera baasuuf aangoo akka qabu kan qorannoon akeeke bu'ureeffachuun wixinee labsii bulchiinsa qabeenya bishaanii qopheessanii ragga'uu isaa eegaa akka jiran ibsani.

### **3.1.15. Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa**

Haaluma walfakkaatuun qorannoo *Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa* jedhu keessatti yaadota

---

<sup>45</sup>Afgaaffii Ob.Tashoomaa Laggasaa waliin taasifame (Akkuma 44<sup>f</sup>aa)

<sup>46</sup> Afgaaffii Ob. Mootii Abraham, Biiroo Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafaatti ogeessa Sona lafaa waliin gaafa 26/08/2013 taasifame.

<sup>47</sup>Afgaaffii Ob. Shuumii Araarsaa, Abbaa Taayitaa Bishaanii fi Inarjiitti Daarektoreetii seeraa waliin gaafa 03/09/2013 taasifame.



abbaa taayitichaaf akeekaman maalirra akka gahan hubachuuf ogeessotaaf afgaaffiin taasifamee jira. Qorannoo kana ILQSO'n gaggeessaa akka ture ragaa adda addaa kennuudhaanis akka hirmaatan ibsaniiru. Haa ta'umalee, bu'aa qorannichaa akka hin beekne ibsan.<sup>48</sup> Labsiiwwanii fi dambiiwwan Federaalaa mirga galii albuuda irraa fayyadamuu MNO dhiphisan jijjiruu keessatti akka biyyaatti imaammata albuudaa qophaa'e keessatti labsiiwwan kunneen akka fooyya'an waliigalameera jedhan.<sup>49</sup> Galii albuuda irraa argamuu (loyalty pay) kan duraan mootummaan federaalaa harka 60 fudhatee harka 40 naannoo keenyaaf kennaa ture amma jijjiiramee 50/50 akka hiratan karaa mana maree federeeshiniitiin kan murtaa'e bara 2013 akka hojiirra oolu taasifameera jedhan. Akkasumas, hojiiwwan Albuudaa eessaa akka baasu, qaamni misoomsu immoo hawaasa naannoo akka hammatuu qabuu fi hawaasichi gahee ykn sheerii akka qabaatu taasisuu irrattis hojjetamaa jira jedhan.<sup>50</sup> Dhimmootni olitti ibsaman akka sirratan hojiiilee hojjetaman kanneen bu'aa qorannoo ILQSOti jechuu hin dandeenyu jedhaniiru.

### **3.1.16. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjirama Qilleensaa Oromiyaa**

Afgaaffii ogeessota<sup>51</sup> Abbaa Taayitichaa waliin godhameen qorannoon dhimma sakatta'iinsa naannoo irratti ILQSO'n gaggeesse kallattiidhan isaanif ergamuu akka hin beekne kaasaniiru. Haa ta'u malee, ogeessonni ILQSO wixinee qajeelfamoota adda addaa irratti yaada akka isaanii kennan yommuu afferaman ILQSO'nis dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuu akka baran ibsan. Hojii eegumsa naannoo ilaalchisee, bara 2008 irraa kaasuun odiitii naannoo gaggeessuun dhaabbilee naannoo Oromiyaa keessa turan keessaa dhibbeentaa 10 qofti sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan gaggeessan ta'uu akka hubatan ibsan.<sup>52</sup> Kana booda dhaabbileen kun karoora manaajimantii

---

<sup>48</sup> Ob. Zawuduu Taaddasaa, Abbaa Taayitaa Albuuda Oromiyaatti Daarektera Daaretoretii Heyyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa fi Ob. Efreem Mul'ataa, A/Taayitaa Albuuda Oromiyaatti Dursaa garee tajaajila Seeraa waliin gaafa 11/09/2013 taasifame.

<sup>49</sup> Ob. Zawuduu Taaddasaa, Abbaa Taayitaa Albuuda Oromiyaatti Daarektera Daaretoretii Heyyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa waliin gaafa 11/09/2013 taasifame.

<sup>50</sup> Akkuma miiljalee lakk.49ffaa

<sup>51</sup> Afgaaffiiwwan ob. Baqqalaa Kaffaalloo, Daarektara Eegumsaa fi Manaajimantii Bosonaa, ATENBJQO,12/09/2013 fi Sintaayyoo Bafiqaaduu, Daarektara Hojiirra Oolmaa Seerota Eegumsa Naannoo, ATENBJQO waliin gaafa 12/09/2013 taasifame.

<sup>52</sup> Afgaaffii ob. Bafiqaaduu waliin taasifame (Akkuma 51<sup>ffaa</sup>).

naannoo (EMP) akka qopheeffatan beeksisuun raawwiin isaas hanga dhibbeentaa 70 akka gahe ibsanii jiru. Dhiibbilee hedduu irratti, keessumattuu warshaalee gogaa naannoo Mojoo jiran irratti tarkaanfii kan fudhatan ta'uu ibsan. Labsiin bara 2005 bahe dambii kan hin qabne ta'uu kaasuun dambii lakk.219/2013 fi lakk.220/2013 qopheessanii akka mirkanaa'eef ibsanii jiru. Qajeelfamas qopheessanii amma raggaasisuuf akka deeman ibsan. Sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuu fi hordofuu irratti ogeessota ogummaa adda addaa qaban guutachuu irratti hanqinni akka jiru hubachiisan.

Gama hojiirra oolmaa yaadota *qorannoo bulchiinsa qabeenya uumamaa* jedhuun walqabatee gaaffii ka'een Abbaan Taayitaa isaanii qabeenya uumamaa irratti keessattuu, bosona ilaalchisee qorannoo ILQSO'n gaggeesse osoo hin argin rakkoo bulchiinsa bosona naannoo Oromiyaa keessumattuu walitti bu'iinsa seerota naannoo fi federaalaa ilaalchisee qo'annoo taasisanii furmaata isaa irratti wixinee akka qopheeffatan ibsan. Adeemsa keessa ILQSO'nis qorannoo gaggeessuu dhaga'uun qorattootni ILQSO yaada isaaniin akka gabbisan godhameera jedhaniiru. Walumaagalatti fooyya'iinsa gama sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuun jirus ta'ee, bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti dhufe kana qorannoo ILQSOtiin wal qabsiissuun nutti ulfaata jedhan. Kunis qorannoo ILQSO kan hin argannee fi rakkoo isaanii beekani ofii isaaniitiin furachuuf tattaafachaa kan turan waan ta'eefidha jedhu.

### 3.1.17. Biiroo Daldalaa Oromiyaa

*Daldala seeran alaa too'achuu* fi *eegumsa mirga shamattootaa* irratti qorannoo ILQSO'n gaggeeffaman keessatti yaadota furmaataa taa'an hojiirraa oolchuun maal akka fakkaatu hubachuuf ogeessa biiroo daldalaa waliin afgaaffiin taasifamee jira. Qorannoon ILQSO'n gaggeessu bu'aan isaa biirichaaf beeksifamuu isaa akka hin beekne, garuu immoo dhuunfadhaan qorannoo ILQSO argatanii akka dubbisan hubachiisan.<sup>53</sup> Hojiin daldala seeran alaa too'achuu daarekteera addaa kan qabuu fi biiroo hanga aanatti caasaa mataa isaa diriirsun irratti hojjatamaa kan jiru ta'uu ogeessi kun nuuf ibsaniiru.<sup>54</sup> Rakkoo akka kontirobaandii fi oomishaalee

---

<sup>53</sup> Afgaaffii Ob. Diinaa'ol Darajjee, Biiroo Daldala Oromiyaatti Ogeessa karoora fi Bajataa waliin gaafa 14/08/2013 taasifame.

<sup>54</sup> Afgaaffii Ad. Kaziinaa Abbaa Duulaa, Biiroo Daldala Oromiyaatti Daarektera Qorannoo fi Ijaarsa dandeettii waliin gaafa 12/08/2013 taasifame.

dhoksanii kuusutiin walqabatee jiru furuuf Yunivarsitii Adaamaa waliin ta'uun qorannoo kan irratti hojjatamaa jiru ta'uu nuuf ibsan.<sup>55</sup> Mirga shamattootaa ilaalchisee yeroo yerootti hubannoon hawaasaf kennamaa jira jedhan.<sup>56</sup>

### 3.1.18. Abbaa Taayitaa Galiwwan Oromiyaa

Ogeessi afagaaffiin taasifameef qorannoo *dhimma taaksitiin walqabatu* ILQSO'n yommuu gaggeefamu ogeessoni isaanis keessatti kan hirmaatan ta'uu bu'aan isaas erga beekamees yaadotni furmaataa akeekaman manaajimantiif dhiyaatee kan irratti mari'aataa turan ta'uu ibsani.<sup>57</sup> Yaadota qorannoon kun akeeke keessaa galii waliinii kan jedhu irratti duraan warri Federaalaa sassaabani 70% fudhatanii 30% nuuf qoodu ture, amma garuu falmannee Ofii keenyaa sassaabnee 50%, 50% addaan qooddachaa jirra jedhan.<sup>58</sup> Vaatii (VAT), Taaksii galii, Taaksii qabeenyaa (property tax) fi kkf duraanis falamaa kan turan ta'uu himuun amma akka fooyya'ee jiru ibsani.<sup>59</sup> Madda taaksii (tax basis) babal'isuu irratti manneen qopheessaa hojii akka hojjetan godhameera jedhani. Vaatin (VAT) walqabatee nagaheen sirnaan akka muramu gochuun caalatti galiin akka sassaabbamu taasisuun naannonis irraa qoodamaa jira. Taaksii galii fi taaksii qabeenyaatiinis walqabatee hordoffiin sassaabbii taaksii gaggeefamaa jira jedhan. Qorannoo ILQSO qaama hojiirra oolchuuf beeksisuu irratti Inistiitiyuutiin hanqina akka qabu eeraniiru.

### 3.1.19. Ejensii Galmeessaa Ragaalee Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromyaa

Qorannoo mata duree '*Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rakkoowwan Seeraa fi Hojimaataa Mul'atan*'(2010) jedhuun yaadni furmaataa hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa qaamolee adda addaa biratti bittinnaa'ee gaggeeffamu gidduu-galeessa humna namaa fi meeshaalee ammayyaa guuttatee fi gahumsa qabu tokko jalatti gurmeessuun hojjechuu kan jedhu hojiirra oolchuu irratti maal akka hojjetan adda baasuuf afaaaffiin hoogganaa fi ogeessa waliin gaggeeffamee jira. Qorannoon kun gaggeeffamuu

---

<sup>55</sup> Afaaaffii Ad. Kazinee, Akkuma 54<sup>ffaa</sup>.

<sup>56</sup> Afaaaffii Ad. Kazinee, Akkuma 55<sup>ffaa</sup>.

<sup>57</sup> Afaaaffii Ob. Lammeessaa Ayyalaa, Abbaa Taayitaa Galiwwanii Oromiyaatti Daarektoreetii Barumsaa fi komunikeeshinii waliin gaafa 14/08/2013 taasifame.

<sup>58</sup> Afaaaffii Ob. Lammeessaa Ayyalaa, Akkuma 57<sup>ffaa</sup>.

<sup>59</sup> Afaaaffii Ob. Lammeessaa Ayyalaa, Akkuma 58<sup>ffaa</sup>.

akka hin beekne ogeessi<sup>60</sup> ejansichaa af-gaaffiin godhameef ibsanii jiru. Haaluma wal fakkaatuun, hogganaan<sup>61</sup> Ejansichaas qorannoon kuni gaggeefamuu akka hin beekne ibsee jira. Hojiirra oolmaa yaada furmaataa qorannichaan kenname ilaalchisee Ejansichi ragaa bu'uuraa qofa irratti xiyyeefachuun kan hojjetu ta'uu ibsuun hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu giddu-gala tokkotti raawwachuun ni rakkisa yaada jedhu kaasan.<sup>62</sup> Atoomina ILQSO waliin qaban ilaalchisee, yeroo tokko Inistiitiyuutiin qorannoo akka gaggeessuf xalayaan gaafatanii kan turan ta'uu ibsanii, haa ta'umalee, Inistiitiyuutichi bara bajataa sanatti akka hin mijatneef ibsuun waan dideef, gara Inistiitiyuutii Teeknoolojii Adaamaa adeemuun isaan qorannoo akka gaggeessaniif nutti himaniiru. Adeemsa kana keessatti qindoominaan hojjechuun isaanii ogeessis ta'ee hooggansi rakkoo fi furmaata beekke hojiirra oolmaa bu'aa qorannoof kan haala mijeesse ta'uu muuxannoo gaariidha jechuun ibsanii jiru.<sup>63</sup>

### 3.1.20. Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa

Yaadota furmaataa BATO'tiif akeekaman hojiirra oolmaan isaanii maal akka fakkaatu hubachuuf ogeessota<sup>64</sup> Biirichaa waliin af-gaaffii taasifnee jirra. Qorannoo dhimma mana hojii isaanii ilaalchisee gaggeeffame kan Mana *Murtii Aadaa Hundeessuu* jedhu akka beekan ibsaniiru. Kunis yommuu qorannoon gaggeeffamu daataan kan isaan irraa funaanamee fi boodas bu'aa qorannoo irratti kan mari'atan ta'uu isaa ibsan. Hojiirra oolmaa isaa irrattis hirmaachaa kan jiran ta'uu hubachiisaniiru. Kanaan ala qorannoo biraa akka hin beekne, bu'aan isaas akka isaan hin geenye ibsaniiru. Akkaataa qorannoon haala fooyya'een hojjiirra itti oolu irrattis yaada nuuf kennaniiru. Qorannoon yommuu gaggeeffamu ogeessa biiroo sanaa hirmaachisuun hojiirra oolmaa qorannootiifis bu'aa waan qabuuf, ILQSO'n kana akka fayyadamu jedhaniiru. Akkaataa qorannoo hojiirra itti oolu irrattis mana hojii dhimmi ilaaluuf leenjiin dursee osoo kennamee yaada jedhus akeekaniiru.

---

<sup>60</sup> Afgaaffii ob. Dirriibaa Alamuu, Daarekteera Daarektoreetii Galmeessaa fi Mirkaneessa Sanadaa, EGRBHNO waliin gaafa 11/08/2013 taasifame.

<sup>61</sup> Afgaaffii Mariid Guddataa, I/A daarektara Olaanaa EGRBHNO waliin gaafa 12/08/2013 taasifame

<sup>62</sup> Afgaaffii Mariid Guddataa , Akkuma 61<sup>ffaa</sup>

<sup>63</sup> Afgaaffii Mariid Guddataa, Akkuma 62<sup>ffaa</sup>.

<sup>64</sup> Afgaaffii ob Balaay Gurmeessaa fi Tolasaa Galaan, ogeessota seeraa, BATO, waliin gaafa 20/08/2013 taasifame.

Akka waliigalaatti, daataa olitti ilaallaman irraa akka hubatamutti ogeessotni tokko tokko qorannoon ILQSO mana hojii isaanii akka hin gahinii fi akka hin beekne ibsanii jiru. Gama ILQSO tiin immoo sakatta'a sanadaa taasifameen Biiroolee olitti guutumatti qorannoon ILQSO nu hin geenye jedhan: kan akka Biiroo Fayyaa Oromiyaa, Biiroo Daldalaa Oromiyaa, Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa yoo ilaalle qorannoon ykn bu'aan qorannoo ergamuufin ni hubatama. Fakkeenyaaf, Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaatiif qorannoon mata duree' Taxation Power in Oromia Regional State: Analysis of Conistitution, Law anda Practice' jedhu xalayaa lakk.ILQSO/5/F/H2/13615 ta'e kan gaafa 11/11/2011 barreeffameen ergameefiin sanada irraa ni hubatama. Kan biraa immoo, BEFO tif qorannoon 'Qabiinsa dhukkubsattoota sammuu fi namoota dhagahuu fi dubbachuu hin dandeenyee jedhu' xalayaa lakk. ILQSO/ 1280I/ H2/1361280 ta'e kan gaafa 23/03/2013 barreeffameen ergamuufin ibsameera. Biiroo Daldalaa Oromiyaatiifis qorannoon 'Daldala Seeran Alaa Too'achuu' jedhu xalayaa lakk.ILQSO/188/F/H2/136/359 ta'e kan gaafa 20/07/2009 barreeffameen ergamuufii sanadni ni agarsiisa.

## **Qaamolee Muuxannoon Isaanii Ilaallaman**

### **A. Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Federaalaa**

Muuxannoo qorannoo seeraa gaggeessaa turan hojiirra oolchuu irratti qaban qooddachuuf daarekteera hojii qorannoo Inistiitiyuutichaa<sup>65</sup> waliin af-gaaffii taasifneerra. Haala HOQ Inistiitiyuutichaa yoo ibsan, qorannoon Inistiitiyuutichi gaggeessaa ture kan baay'inaan hojiirra oole akka jiru ibsanii jiru. Haata'umalee, rakkoon HOQ isaan birattis bal'inaan kan mul'atu ta'uu ibsanii jiru. Qorannoon sirnaan hojiirra akka hin oolee dhimmoonni taasisan jechuun kanneen itti aanu kaasaniiru:

- Hojii ykn sagantaan raawwatamu bu'aa qorannoo bu'ureffachuu dhabuu
- Ammaa amma jijjiiramuu hoggansaa fi yaadannoo dhabuu dhaabbataa (lack of institutional memory)

---

<sup>65</sup>Ob. Mitikkuu Maddaa, Daarekteera Qo'annoo fi Qorannoo, ILOQHQSI waliin gaafa 29/08/2013 taasifame.

- Qaamolee gaggeessaa fi qorannoo hojiirra oolchaniif fi deeggaran gidduu hanqinni atoominaa jiraachuu
- Gareen qorannoo gaggeesse addaan faca'uunis sababa biraa qorannoon akka hojiirra hin oolle taasisu ta'uu kaasan.

Inistiitiyuutiin isaanii qorannoo bu'aa qabuu fi hojiirra ooluu danda'u gaggeessuuf qaamolee adda addaa gargaaran akka qabu ibsan. Fakkeenyaaf, qaamni Mana Maree Gorsitootaa jedhamu qaamolee mootummaa, mit-mootummaa, dhaabbilee mootummaa olaanaa, dhaabbilee siivikii adda addaa yaada qorannoo fi leenjiif ta'u akka kennaniif ibsan. Haaluma kanaan fedhii qorannoo qaamolee adda addaa irraa funaannaman mana maree gorsitootaa kanaaf dhiyeessuun yaada kan irraa fudhatan ta'uu hubachiisan. Haa ta'umalee, manni maree gorsitootaa kun haala barbaadameen raawwachuu dhabuun hojii qorannoo irratti dhiibbaa fidee jira. HOQ Inistiitiyuutii isaanis kan baay'ee yaachise waan ta'eef, akka karoora hojiitti qabatani waa'ee hojiirra oolmaa qorannoo isaanii ilaalaa akka jiran ibsaniiru. Qorannoo hojiirra oolchuun hojii qaamalee adda addaa amansiisuu (lobby) guddaa barbaadu akka ta'ee fi qaamoleen qorannoo gaggeessan kana irratti xiyyeeffachuu akka qaban kaasanii jiru.

## **B. Inistiitiyuutii Manaajimantii Itoophiyaa**

Akkaataa hojiira oolmaa qorannoo dhaabbata isaanii irraa muuxannoo qaban fudhachuuf daarektara<sup>66</sup> qorannoo Inistiitiyuutichaa waliin af-gaaffii taasisnee jirra. Daarektarichi hojiirra ooluu dhabuun qorannoo dhimma dhaabbata isaanii birattis mul'atu akka ta'e dubbataniiru. Qorannoon isaan gaggeessan kan fedhii maamilaa irratti hundaa'eedha jedhan. Adeemsi gaggeessa qorannoo jalqaba Inistiitiyuutichi wantoota rakkoo ta'uu mala jedhan tarreessuun fayyadamtootni akka sadarkeessan taasisu. Yaadni fi sadarkeessi maamiltoota irraa funaanname erga xiinxalameen booda hojii qorannoo gaggeeffamuuf beeksisa baasu. Qorattootnis yaada ka'uumsaa ykn 'concept note' dhiyeessuun dorgomu. Yaada ka'uumsaa ykn 'concept note' kana koreen xinxaalu (review committee) ilaalee kanneen fudhatama argatan gumee qorannoo akka dhiyeessan godhama. Gumeen qophaa'e immoo ogeessota keessaa fi alaatiin ni madaalama ykn 'peer reviewed' ta'a jedhan.

---

<sup>66</sup> Afgaaffii Zamanuu Gaashaw, Daarekteera Qorannoo, Inistiitiyuutii Manaajimantii Itoophiyaa waliin gaafa 29/08/2013 taasifame

Sana booda gara qorannoo seenama. Bu'aan qorannoos ogeessota keessaa fi alaatiin ni madaalama jedhan. Qorannoon madaallii kana darbe mirkaneessa bu'aa qorannoof (validation workshop) akka dhiyaatu ibsan. Mirkaneessi bu'aa qorannoo kun gosa lama akka ta'e nutti himan. Kunis mirkaneessa qabiyyee qorannoo (content validation) fi mirkaneessa adeemsa qorannoo (research process validation) akka ta'an hubachiisan. Sana booda qorannoon adeemsa kana keessa darbee mirkanaa'e koonfiraansii qorannoof dhiyaata jedhan. Kaayyoon koonfiraansichaa bu'aa qorannoo beeksisuu fi tamsaasuu akka ta'e nu hubachiisan. Konfiraansii qorannoo booda yaadota kennamanis dabaluu maxxansa bu'aa qorannoo ykn 'research proceeding' akka baasanii fi qaamolee barbaadamu biraan akka gahan nutti himan. Dhimmi HOQ isaanis rakkisaa akka jiru ibsan. Inistiitiyuutichi irra caalmaan bu'aa qorannoo beeksisuun qaamni ilaallatu akka hojjiirra oolchu qofa gochuu akka ta'e ibsan. Amma garuu 'policy note review' waan jedhamu qopheessuu irratti akka argaman ibsan. 'Policy note review'n kunis yaadni furmaata akkamii akka kenname, tarkaanfii (intervention) akkamii akka barbaadu, qaama kamiin akka raawwatamu fa'a kan of keessaa qabuudha. Kana qaama ilaallatuuf erguun qorannicha haala salphaa ta'een hubatanii akka hojjiirra oolchan taasisuuf yaadanii hojjetaa jiru. Gara biraan immoo, qorannoo hojjiirra oolchuuf qaamolee dhimmi ilaallatu faana marii garee xiqqaa gochuun barbaachisaa akka ta'e, itti amananii karoofataniiru. Kanaan dura bu'aa qorannoo qaamolee kanaan qaqqabsiisuu malee itti dhiheenyaan akka hin gargaarre, sun immoo dadhabina isaanii akka ta'e hubachuun amma marii adda addaa qaamolee qorannoo hojjiirra oolchan faana gochuufqophii ta'uu isaanii ibsaniiru.

### **C. Muuxannoo Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa**

Inistiitiyuutichi qorannoowwan gaggeessaa turee fi jiru hojjiirra oolchuu irratti sirna akkamii akka qabu adda baasuuf af-gaaffii hoogganaa fi ogeessota Inistiitiyuutichaaf taasifnee jirra. Haaluma kanaan, HOQ isaanii maal akka fakkaatu gaaffii gaafanneef hogganaas ta'ee ogeessonni, qorannoo hojjiirra oolchuun rakkoo isaanis mudataa jiru akka ta'e amanuun yaada nuuf kennan. Hoogganaan Inistiitiyuutichaa<sup>67</sup> rakkoo hojjiirra oolmaa qorannoo isaan mudataa turee fi akkaataa rakkoo kana itti furan irratti yaada nuuf qoodaniiru.

---

<sup>67</sup> Af-gaaffi Dr. Asaffaa Taa'aa, I/A Daarektara Olaanaa, IQQO waliin gaafa 21/08/2013 taasifame

Qorannoo hojiirra oolchuu keessatti danqaan isaan mudataa ture qaamni siyaasaa hojii Inistitiiyuutichaa hubatee deeggarsa hojiirra oolmaa qorannoo kennuu dhabuu akka ture kaasan. Amma garuu sun jijjiramee deeggarsa argataa akka jiran ibsan. Deeggarsa amma argame kanaaf ka'uumsi namoota siyaasaatti siquun amansiisuudha jedhu. Inistitiiyuutichi dhaabbilee gargaarsaa ykn fandii kennuun gargaaran gara 10 kan ta'an waliin atoomina qabaachuus ibsaniiru.

Ogeessi olaanaan<sup>68</sup> Inistitiiyuutichaa biraa af-gaaffii waliin taasifne sirna hojiirra oolmaa fi akkaataa HOQ isaanii irratti yaada nuuf kennaniiru. Komiin qorannoon hojiirra hin oolu jedhu isaan biras akka jiru ibsaniiru. Caaseffamni Inistitiiyuutichaa qorannoo bu'a-qabeessa gochuuf ogummaa saayinsii qonnaatiin ala ogummaawwan adda addaa kan akka saayinsii hawaasaa fi diinagdeefaa akka fayyadaman nutti himan. Gareen tokko yommuu qoratu gareen biraa immoo qorannoo hojiirra oolchuu irratti hojjeta jedhan. Qorannoon erga gaggeeffameen booda qulqullinaa fi hojiirra oolmaa isaa milkeessuuf adeemsa 'research review meeting' jedhamu akka qaban ibsan. Kunis qorannoon dhiyaate ciminaa fi hanqina inni qabuu fi bu'aa isaa haala itti gamaaggamamudha. Kora kana irraa 'research proceeding' akka qophaa'uufi qaamolee hubachuu qabaniif akka hubachiisan himan. Akkaataan bu'aa qorannoo hojiirra itti oolchaa turan kan duraa irraa amma jijjiruu isaanii ibsanii jiru. Kanaan dura bu'aa qorannoo isaanii qaama hojiirraa akka oolchuuf yaadametti beeksisuudhaan kan dhiisan ta'uu ibsuun yeroo ammaa kana hojiirra oolmaa qorannoof gahee olaanaa taphachaa kan jiran ta'uu beeksisan. Ogeessi<sup>69</sup> biraa hojiirra oolmaa qorannoo Inistitiiyuutichaa qindeessu akkaataa hojiirra oolmaa qorannoo irratti yaada nuuf hiraniiru. Daarektoreetiin qorannoo Haala Hawaas-diinagdee fi babal'inaa qonnaa fi teeknolojii bu'aa qorannoo hojiirra oolchuu irratti akka hojjetu nu hubachiisan. Adeemsa ykn yaa'insa hojii qorannoo ilaalchisees, hojiin qorannoo fedhii qonnaan bulaa irraa akka maddu ibsan. Fedhiin kunis caasaa ADPLAC (Agri Development Partners Linkage Advisory Council) jedhamuun kan isaan gahu ta'uu ibsan. Caaseffamni kun qooda fudhattoota dhimma qonnaa irratti hojjetan qaama mootummaa fi mit-motummaa fi hawaasa irraa kan walitti babba'anidha. Caaseffamni kun Godinaa hanga

---

<sup>68</sup> Afgaaffii Dr. Darajjee waliin ta'e, Akkuma 67<sup>ffaa</sup>.

<sup>69</sup> Afaaffii ob. Xilahuun Gannatii, Qorataa exteenshinii Qonnaa Hawaas-diinagdee, IQOO, waliin 21/08/2013 taasifame




Aanaatti kan gurmaa'e yoo ta'u; qooda fudhattootni kunneen waggaatti yeroo murtaa'e wal gahuun qonna ilaalchisee rakkoowwan jiran kaasani irratti mari'atanii akka rakkoo ta'e irratti waliigaluun Inistitiiyuutiin qoratee fala akka kaa'u godhu. Gama biraatiin immoo, qorataan mataa isaa hojii hojjetu keessatti dhimmoota qonna keessatti rakkoo ta'an sakatta'iinsa haalaa (situational analysis) gaggeessuun qorannoo itti aanu gaggeessuuf ka'uumsa godhachuu danda'a jedhan. Dabalataan sakatta'a rakkoowwan adda addaa gaggeessuun qoranno idileef wantoota ka'uumsa ta'an akka adda baafatan ibsanii jiru. Dhimmi ykn naannoon qorannoon irratti hojjetamu erga addaan ba'ee booda qorattootni 'concept note' akka dhiyeessan ni godhama. Qorattootni dhaabatichaa hundinuu akkuma ogummaa isaanitti 'concept note' ni dhiyeessu. 'Concept note' adeemsa 'peer review' jedhamuun ogeessota gitaatiin madaalamee, kan rogummaa qabu ykn hin qabne, barbaachisaa kan ta'e ykn kan hin barbaachisne jedhamee madaalama. Itti aansuun qorataan gumee qorannoo dhiyaaffatee gumichi sunis erga madaalameen booda gara qorannootti seenama. Adeemsa qorannoo keessatti qooda fudhattoota akka hirmaachisanis nuuf ibsaniiru. Qorannoon Inistitiiyuutichi gaggeessu gama dipaartimantii '*socio-economics and agricultural extension*' jedhuun hawaasaaf akka qaqqabu hubatameera. Hojiirra oolmaa qorannoo kan qindeessu dipaartimantii kanadha.

Muuxannoo Inistitiiyuutichaa irraa hubachuun kan danda'amu bu'aa qorannoo hojiirra oolchuuf qaama deeggarsa taasisu amansiisuun barbaachisaadha. Hojii qulqullina qabu fi hawaasaaf bu'aa qabatamaa argamsiisu raawwachuun amantaa qaama deeggarsa kennu kanaa argachuuf nigargaara. Barnootni biraa muuxannoon dhaabbaticha irraa argamu akkaataa dhimmoonni qorannoof ka'uumsa ta'an fedhii qooda fudhattoota hundaa haala ilaalcha keessa galcheen Inistitiiyuuticha bira gahaniidha. Dhimmoonni qorataman haala kanaan fedhii qabatamaan jiru agarsiisuu danda'uun hojiirra oolmaa qorannichaatiif haala kan mijeessu ta'a. Hunda caala, qorannoo hojiirra oolchuun hojii haala idileen hojjetamuu fi hirmaannaa qaama qorannoo gaggeessee sirritti barbaadu ta'uun ni hubatama. Qorannoo hojiirra oolchuuf immoo, caaseffamaa fi ogeessota barbaachisu qabaachuun barbaachisaadha. Hojiin hojjetamus haala idilaa'eenii fi karoora kan bu'ureeffate yoo ta'e bu'aa buusa.

#### 4. IBSA DATAA FI ARGANNOO QORANNICHA

Yaadota furmaataa qaamolee qorannoo fayyadamaniif akeekaman hangamtu hojiirra oole hangamutu hojiirra hin oolle, kanneen hojiirra oolan haala kamiin hojiirra oolan kan jedhu yaadota af-gaaffii, marii garee fi tarkaanfii qabatamaan fudhataman (fakkeenyaaf, seerota tumaman ykn wixinee qophaa'an, hojimaata sirreefame fi kkf) irratti hundaa'uun xinxaallee jirra. Haaluma kanaan, tokkoon tokkoon yaadota furmaataa kennaman lakkaa'uudhaan, itti aansuun yaadota kennaman kanneen hojiirra oolanii fi hin oolle, kanneen walakkaan hojiirra oolanii fi kanneen hojiirra hin oolle jechuun adda baasnee jirra. Qorannoo Inistiitiyuutichaa adda addaa keessatti yaadni furmaataa qaama tokkoof ykn qaamolee adda addaaf kennamuu danda'ama. Kana jechuun irra deddeebiin yaada furmaataa mul'achuu danda'a jechuudha. Ta'us garuu, qorannoon hojiirra oole jechuuf yaadota furmaataa kennameen madaalama waan ta'eef, shallaggii kana keessatti irra deddeebii yaadota furmaataa ilaalcha keessa hin galchine.

Kan biraa, yaanni tokko guutummaan guututti hojiirra oole kan jedhamu haaluma yaada furmaataa kaa'ame sanaan mana hojii sanaan hojitti yoo hiikamedha yookaan tarkaanfiin akeekame yoo fudhatameedha. Kun garuu bu'aa (impact) hojiirra ooluun yaada furmaataa sanii fide ykn fiduu dhabe hin dabalatu. Karaa biraatin yaanni furmaataa tokko walakkaan hojiirra oole kan jedhamu, qaamni akka hojiirra oolchu akeekameef sun yaadicha fudhachuun irratti hojjachuu kan jalqabe yoo ta'edha. Fkn: Yaadni furmaataa kenname qajeelfamni ykn danbiin akka qophaa'u kan akeeku yoo ta'e, manichi yaadicha fudhachuudhaan mirkanaa'us baatu, wixinee qajeelfamichaa ykn danbichaa kan qopheeffate yoo ta'edha. Kan biraa immoo yaanni furmaataa akeekame hojiirra hin oolle kan jedhamu yaada akeekame sanarra dhaabbachuudhaan wanti hojjatame kan hin jirre yoo ta'edha. Itti aansuun, haala hojiirra oolmaa qorannoowwan kanneenii irratti raawwii qaamolee hojiirra oolchani agariisuuf chaartii armaan gadiitiin haala itti aanuun teechifamee jira.




*Charti 1: Raawwii HOQ Qaamolee Haqaa agarsiisu*

Chartiin kun argannoowwan qorannoo ILQSotiin yaadota furmaataa qaamoleen haqaa akka hojiirra oolchan akeekaman sadarkaan hojiirra oolmaa isaanii maalirra akka jiru kan agarsiisudha. Manneen hojii kanneeniif yaadotni furmaataa garaagaraa qorannoo tokkoon yookaan immoo qorannoowwan adda addaatiin kan akeekaman yoo ta’u yaadotni furmaataa haalluu Magariisaa dibaman guutummaatti kan hojiirra oolan (GKHO), kan Keelloo dibaman walakkaan kan hojiirra oolani (WKHO) fi kan Diimaa dibaman kan hojiirra hin oolle (KHHO) ta’uu agarsiisa. Akka chaarticha irraa hubatamu Mana Murtii waliigala Oromiyaatiif (MMWO) qorannoo garaagaraa 24 ta’aniin waliigalatti yaadota furmaataa 75 ta’an akeekamaniiru. Yaadota furmaataa 75 kanneen keessaa 57 kan ta’an hojiirra ooluu isaa ragaa argame irraa hubatamee jira. Kunis dhibbeentaan yoo shallagame 76%dha. Yaadota kennaman keessaa 5 (6.66%) kan ta’an walakkaan hojiirra oolaniiru. Yaadota furmaataa kennaman keessaa 13 ykn 17.3% kan ta’an hojiirra hin oolin hafanii jiru. Raawwiin hojiirra oolmaa kunis olaanaa kan jedhamuudha. Itti aansuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif (MHAAWO) yaadotni furmaataa 59 akka hojiirra oolan dhiyaatanii kanneen keessaa 40(67.79%) kan ta’an hojiirra kan oolan, kanneen 10(16.945) ta’an walakkaan hojiirra kan

oolan fi kanneen 9(15.25%) ta’an immoo kan hojiirra hin oolle ta’uu ragaa argame irraa hubatamee jira. Qaamolee haqaa keessa Komishiniin Poolisii Oromiyaa (KPO) fi Komishiniin Bulshiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa (KBMSO) yaadota furmaataa akeekaman hojiirra oolchuun sadarkaa itti aanan qabatu. Waajjirri Caffee Oromiyaa (WCO) yaadota furmaataa isaaf laataman hanga walakkaa ta’u hojiirra kan oolche yoo ta’u, yaadota furmaataa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaatiif (KFMNO) akeekaman muraasatu hojiirra oole. Yaadotni furmaataa Waajjirri Qindeessituu Koree Fooyya’iinsa Sirna Haqaa (WQKFSH) ilaallatan guutummaatti hojiirra osoo hin oolin hafanii jiru.

Itti aansuun immoo raawwii HOQ qaamolee haqaan alaa biratti mul’atu haa ilaallu.



Charti 2: Raawwii HOQ Qaamolee Haqaan ala jiran agarsiisu

Chartiin kun yaadota furmaataa qorannoo garaagaraatiin qaamolee seektara haqaatiin ala jiraniin akka hojiirra oolan akeekame sadarkaan hojiirra oolmaa isaanii maalirra akka jiru kan agarsiisudha. Manneen hojii kanneeniif yaadotni furmaataa garaagaraa qorannoo tokkoon yookaan immoo qorannoowwan adda addaatiin kan akeekaman yoo ta’u yaadotni furmaataa haalluu magariisaa dibaman guutummaatti kan hojiirra oolan (GKHO), kan keelloo dibaman

walakkaan kan hojiirra oolanii (WKHO) fi kan diimaa dibaman kan hojiirra hin oolle (KHHO) ta'uu agarsiisa. Kana irraa hubachuu akka danda'amu yaadotni furmaataa BDhHHO, BATO fi BDhDDDO akeekaman hundi hojiirra kan oolan ta'uu isaati. Manneen hojii hafan kanneen biroo biratti raawwiin hojiirra oolmaa qorannoo giddugaleessa yookaan isaa gadi ta'uun ni hubatama.

Akka waliigalaatti ILQSO'n qorannoowwan gaggeessaa ture qaamolee haqaa fi haqaan ala jiraniitiif yaadota furmaataa lakkoofsaan gara 287 dhiyeessuun qaamoleen kunneen akka hojiirra oolchaniif akeekuu danda'ee jira. Hojiirra oolmaa yaadota kanaas yoo ilaalle yaadotni furmaataa 179 ta'an guutummaan guututti kan hojiirra oolan yoo ta'u, yaadotni furmaataa 39 walakkaan hojiirra oolanii jiru. Yaadotni 69 immoo hojiitti osoo hin hiikkamin kan hafaniidha. Kun immoo yaadotni guutummaan hojiirra oolan 62.36% kan walakkaan hojiirra oolan 13.58% fi kan hojiirra hin oolin 24.04% ta'uu agarsiisa. Yaada walakkaan hojiirra oole kan guutummaan guututti hojiirra oole waliin yoo walitti daballe 75.94% ta'a. Kana jechuun yaadota furmaataa qorannoo Inistiitiyuutichaatiin akeekaman keessaa gara 76% kan ta'u adeemsa hojiirra oolmaa keessa darbeera jedhanii fudhachuun ni danda'ama. Kuni immoo raawwii gaariidhaa jechuun ni danda'ama. Haa ta'umalee, hangi hojiirra hin oolles yoo ilaallamu kan tuffatamuu miti. Yaadotni furmaataa kennaman sababa hojiirra hin oollleef adda baasanii beekuun hojiirra oolmaa qorannoo gara fuulduraa jiru fooyyeessuuf garagara.

### **Sababoota Hojiirra Oolmaa Qorannoo Irratti Dhiibbaa Uuman**

Daataa af-gaaffii fi marii garee irraa hubachuun akka danda'ametti, ILQSO'n qorannoo yommuu gaggeessu fi bu'aa qorannoo hojiitti hiikuu irratti qaamolee bu'aa qorannoo fayyadaman waliin atoomuu irratti hanqinni akka jiru ibsame. Daataan bar-gaaffii irraa argames kanuma cimsa. Namoota bar-gaafficha guutan 54 keessaa 49% kan ta'an atoomina irratti hanqinni akka jiru ibsani. Haaluma wal fakkatuun, argannoo qorannoo hojiirra oolchuu keessatti hanqinni ogummaa isa tokkoodha. ILQSO qorannoo gaggeessuun dura sakatta'a fedhii qorannoo ni taasisa. Haa ta'umalee, qaamoleen kunneen fedhii qorannoo isaanii haala gurmaa'een adda baafatanii ILQSO'f kennuu irratti hanqinni jira. Dhimmi biraa HOQ irratti dhiibbaa uume, dhabamuu sirna hojiirra oolmaa qorannooti. Qajeelfama qorannoo keessatti qorannoo hojiirra oolchuu keessatti gaheen ILQSO, qorannoo gaggeeffame workishooppii fi

waltajjii adda addaatti dhiyeessuun beeksisuu, tamsaasuu, maxxansuun raabsuu fi kkf akka ta'e ibsameera. ILQSO'n qorannoon erga gaggeeffamee booda workshooppiif ni dhiyeessa. Maxxansa adda addaatti jijjiramuun qaamolee hojiirra oolchaniifis ni erga. Marsariitii manichaa irrattis gadi ni dhiisa. Haa ta'umalee, bu'aa qorannoo beeksisuu irrattis hanqinni akka jiru daataa qorannoo kana irraa hubachuun ni dand'ama. Qaamoleen hirtaa keessummaattuu, qaamoleen haqaan ala jiranii fi ogeessonni isaanii qorannoon gaggeeffamuu isaas ta'ee, bu'aa isaa hin beeknu jedhan xiqqoo miti. Kana jechuun bu'aa qorannoo beeksisuu fi dhaqqabamaa gochuu irratti hanqinni jiraachuu mul'isa. Qaamolee qorannoo hojiirra oolchaniif deeggarsa ogummaa gochuu irratti hanqina guddaatu mul'ata. Kun immoo Inistiitiyuuticha keessatti dhimmi qorannoo hojiirra oolchuu abbummaan qaama ykn garee tokkoof kennamee karooraan irratti hojjatamuu dhabuu irraa kan dhufedha. Qorannoon saayinsii qorannoo irratti hundaa'ee gaggeeffama waan ta'eef, bu'aa qorannoo haala qaamni hojiirra oolchu hubachuu danda'uun bifa salphaa fi ifa ta'een dhiyeessun barbaachisaadha. Iddoo barbaachisaa ta'etti leenjii, gorsa fi maanuwaalii hojiirra oolmaaf haala mijeessu qoheessuu gaafata. Akka ILQSOttii garuu qaamolee qorannoo hojiirra oolchaniif deeggarsi ogummaa qindaa'aa fi karoora irratti hundaa'e taasifamaa hin jiru.

Gama biraatiin, qaamolee gaggeessa fi hojiirra oolmaa qorannoo irratti deeggarsa godhan waliinis rakkoon atoominaa ni mul'ata. Itti bahi ykn bu'aan qorannoo ILQSO yaadadha. Yaada hojiirra oolchuuf deeggarsa qabeenyaa fi qabeenyaan alaa (humna dhiibbaa uumuu) barbaada. Gama kanaan dhaabbilee biyya keessaa fi biyya alaa sirna seeraa fi haqaa deeggaruu irratti hojjetan waliin hojjachuu gaafata. Haa ta'umalee, Inistiitiyuutiin gama kanaan koroora qabatee haala qindaa'aa fi sirnaawaa ta'een hojii atoominaa kana milkeessuu hin dandeenye.

Rakkoon biraa HOQ ILQSO irratti dhiibbaa uume dhimmoota adeemsa gaggeessa qorannoo fi qulqullina qorannoo waliin walqabataniidha. Akkuma olitti ibsame gaggeessi qorannoo sakatta'a fedhii qorannoo irraa madda. Haala addaatiin fedhii qaamoleen fayyadamtoota qorannoo ILQSO ta'an dhiyeeffatanis bu'ureeffachuu danda'a. Sakatta'iinsa fedhiin wal qabatee akkuma olitti ibsame qaamoleen hirtaa fedhii isaanii dursuun adda baasanii gurmeessanii ILQSO'f laataa hin jiran. Fedhii qorannoo bara baraan gaggeeffamu yoo ilaallame dhimmootuma kanaan dura qorannoon irratti

gaggeeffame deebi'anii yoo dhiyaatan ni mul'ata. Qorannoo haala kanaan gaggeeffamu rakkoo qabatamaa fi ijoo ta'e furuu irratti hanqina horachuun isaa hin hafu. Qaamoleen qorannoo gaggeessanii fi adeemsa gaggeessa qorannoo kanaa irratti muuxannoo isaanii ilaallee rakkoo ka'umsa qorannoo ta'uu adda baaasuuf, adeemsa adda addaa fi qaama odeeffannoo isaanii kennu kan idileen hojii kana hojjetu akka qaban hubannee jirra. ILQSO'n rakkoo sakatta'iinsa fedhii adda baasuu irratti qunnamaa jiru kanaaf fala barbaadun furmaata filannoo hin qabnedha.

Gama biraan rakkoo dhageettii dhabuu fi seerri hojiirra oolmaa qorannoo ittiin dirqisiisan dhabamuun akka dhimma HOQ ILQSO danqan tokkootti ka'ee jira. ILQSO'n qaama qorannoo gaggeessuudha. Akka qaamolee haqaa biraa humna seera ittiin raawwachisan hin qabu. Irra caalmaan qorannoon hojiirra kan oolu faayidaa qorannichi argamsiisu qaama hojiirra oolchu amansiisuudhaani. Kun immoo, hojii qulqullinaa fi faayidaa qabatamaa qabu hojjechuun ta'a. haala qaamoleen dhimmi ilaalu deeggarsa ittiin gochuu danda'an irrattis ILQSO'n fala waaraa barbaaduun dirqama ta'a.

Qulqullinni qorannoo ILQSO bara baraan dabalaa akka jiru adeemsa sakatta'a qorannoowwan ILQSO irratti gaggeeffame kana keessatti hubannee jirra. Haa ta'umalee, ammas hanqinni qulqullinaa ni mul'ata. Keessumattuu, argannoo qorannoo adda baasanii kaa'uu fi yaadota furmaataa akeekuu irratti hanqinni ni mul'ata. Yaadonna furmaataa dhiyaatan sirnaawaa, iftoomina kan qaban, hojiirra ooluu kan danda'an, hojiirra oolmaan isaanii kan safaramu, yeroodhaan kan daanga'an (SMART) fi qaama hojiirra oolchu kallattiin kan adda baasan ta'uu irratti hanqina qabu.

Dhimmi biraa hubatamuu qabu olitti qorannoo hojiirra oolchuuf moodeelotni (models) garagaraa jiraachun ibsamee jira. Akkaataa qorannoo isaanii irratti hundaa'un dhaabbileen garagaraa moodeelota garagaraa filatu. Haata'umalee, amalli HOQ Inistiitiyuutii kanaa moodeela tokko kan filachiisuu miti. Kanumarraa ka'uun Inistiitiyuutichi qorannoo isaa hojirra oolchuuf, haala qorannichaa fi yeroo irratti hundaa'uun moodeelota jiran keessaa filachuun irra bu'aa waan qabuuf, moodeelota walitti makuun fayyadamuun bu'a qabeessa ta'a.

## 5. YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

### 5.1 YAADA GUDUUNFAA

ILQSO'n bara 2001 kaasee hanga ammaattii rakkoowwan adda addaa qaamolee haqaa fi sirna seeraa naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan fooyyessuuf qorannoo gaggeessaa tureera. Qorannoowwan kunis sirna haqaa fi seeraa naannichaa cimsuu keessatti gahee olaanaa taphataniiru. Qorannoowwan Inistiitiyuutichi gaggeessaa ture irratti qorannoon hojiirra oolaa hin jiru kan jedhu qaamoleen adda addaa kaasaa turan. Komii fi yaada ka'u kana qulqulleessuu fi akkasumas, sirna hojiirra oolmaa qorannoo Inistiitiyuutichaa madaaluuf qorannoon kun gaggeeffamee jira. Qorannoo gaggeeffame kana irraa hubachuun kan danda'ames qorannoon Inistiitiyuutichaa hojiirra oolman isaa sadarkaa gaarii jedhamu irra kan jiru ta'uu agarsiisa. Akka waliigalaatti qorannoowwan gaggeeffamaa turaniin yaadota furmaataa lakkoofsaan 287 ta'an qaamolee hojiirra oolchan addaa addaatiif gumaachuu danda'ee jira. Yaadota furmaataa akka waliigalaatti akeekaman kana keessaa 179 kanneen ta'an qaamolee garaagaraatiin guutummaa guututti kan hojiirra oolan yoo ta'u, yaadotni 39 walakkaan hojiirra oolani jiru. Yaadotni 69 immoo, hojiitti osoo hin hiikkamin kan hafaniidha. Kana jechuun yaadotni guutummaan hojiirraa oolan 62.36% kan walakkaan hojiirraa oolan 13.58% fi kan hojiirra hin oolin 24.04% dha. Yaada walakkaan hojiirra oolan kan guutummaan guututti hojiirra oolan waliin yoo walitti daballe 75.94% ta'a. kana jechuun, yaadota furmaataa qorannoo Inistiitiyuutichaatiin akeekaman keessaa gara 76% kan ta'u adeemsa hojiirra oolmaa keessa kan darbaniidha jechuudha. Kun immoo, raawwiin isaa gaarii ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee, kanneen hojiirra hin oolles yoo ilaallamu kan tuffatamuu miti. Yaadotni furmaataa hojiirra hin oolle dhimmoota hojiirra oolmaa qorannoo irratti dhiibbaa uumaniin kan walqabataniidha. Wantootni hojiirra oolmaa qorannoo ILQSO irratti dhiibbaa uuman hanqina atoomina ILQSO'n qaamolee qorannoo fayyadaman, qaamolee gaggeessaa fi hojiirra oolmaa qorannoo irratti deeggarsa taasisan waliin qabu, sirni hojiirraa oolmaa qorannoo guutuu ta'uu fi kan jirus hojiirra ooluu dhabuu, akkasumas, hanqinaalee adeemsa fi qulqullina qorannoo waliin walqabatan ta'uun adda bahee jira. Rakkoowwan kana furuuf yaadotni furmaataa itti aanan akeekamaniiru.



## 5.2 YAADA FURMAATAA

1. Rakkoo guddaa HOQ ILQSO kan ta'e rakkoo atoominaati. Rakkoo kana furuuf sirna HOQ kana karoora fi xiyyeeffannoon raawwatu horachuun barbaachisaadha. Kanaafis, ILQSO'n hojii kana akka hojii ijoo fi idilee tokkotti fudhachuun caaseffamaa fi humna namaa barbaachisaa ta'e ramaduun hojjechiisuu qaba. Hojiin guddaan caaseffama kanaan hojjetamu qaamolee fayyadamtoota qorannoo ILQSO ta'an, qaamolee deeggarsa taasisan (mootummaa, mit-mootummaa fi dhaabbilee qorannoo gaggeessan biroo) waliin hariiroo hojii uumuun akkaataa milkaa'ina hojii manichaa akka waliigalaa fi HOQ'f haala mijeessuudha. Dabalataan hojiiwwan qorannoo hojiirra oolchuuf barbaachisan kan akka deeggarsa ogummaa taasisuu ni raawwata. Akkaataa caaseffamni kun itti gurmaa'u ilaalchisee filannoo lama ilaaluun barbaachisaa dha. Tokkoffaan, hojiin atoominaa hojii daarektoreetii leenjii fi qorannoo irra darbu waan ta'eef, hojii bakka lachuu jiru walitti gurmeessanii hojjechuuf akka tolu caaseffama garee lamaan irraa adda ta'e, garuu wal hubannaan hojjetu yoo caaseffame gaaridha. Hojiin gorsaa yeroo amma daarektoreetii leenjii jala jiruu fi guddaa ittiin hin hojjetamne amala hojiirra oolmaa qorannoo waan qabuuf caaseffama kana jalatti akka gurmaa'u taasisuun gaaridha. Caaseffama kana sababoota garaagaraatiif amma milkeessuun kan hin danda'amne yoo ta'e akka filannoo lammaffaatti daarektoreetii qorannoo jalatti garee hojii atoominaa fi gorsaa hojjetu gurmeessuun hojiitti galchuun ni danda'ama. Hojii qorannoo hojiirra oolchuu akka hojii idileetti ilaaluun qorannoon gaggeeffame hanga hojiirraa oolutti akka hordofamu karooraan akka hojjetamu taasisuu barbaachisa.
2. Gama biraan dandeettii dhaga'amu fi dhiibbaa uumuu horachuuf qaamolee hojiirra oolmaa seeraa too'atan, kan akka caffee waliin hojjechuun barbaachisaadha. Kanaafis, ILQSO'n hojiilee HOQ irratti hojjetaman yeroo, yeroon Caffeeff gabaasuun Caffeen tarkaanfii bulchiinsaa akka fudhatu taasisuutu irraa eegama. Dambii hundeeffama ILQSO keessattistumaa HOQ irratti dirqama deeggarsa kennuu kaa'u fi kana gochuu dhabuun bu'aa inni hordofsiisu waliin ibsuun akka fooyya'u gochuun ILQSO irraa eeggama. Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaas barbaachisummaa dhimma kanaa hubatee dambii haala kanaan fooyyessuutu irraa eeggama. Gama biraatiin rakkoon hojiirra ooluu dhabuu qorannoo yeroo ammaa kana rakkoo akka biyyatti beekame

- ta'eera. Rakkoon kun rakkoo waliinii waan ta'eef, ILQSO'n dhaabbilee biyyoolessaa qorannoo gaggeessan keessumattuu, kan seeraa fi imaammataa, waliin sirna itti wal arganii HOQ isaaniif haala mijeessan, waliin ta'anii dhiibbaa uuman akka jiraatuuf, kaka'umsa fudhachuun hojjechuu qaba.
3. Bu'aa qorannoo bifoote adda addaan dhaqqabamaa taasisuu fi beeksisuun hojiirra oolmaa qorannoof baay'ee barbaachisa. ILQSO'n yeroo ammaa qorannoo maxxansuu fi raabsuun akkasumas, marsariitii dhaabbataa irratti gadhiisuun qorannoo dhaqqabamaa akka ta'u hojjetaa jira. Hojii kana cimsuun maxxansa qorannoo qaamolee dhimmi ilaallatu biraan gahuun barbaachisaadha. Gama biraan, qorannoowwan kanaan dura gaggeeffaman argannoowwan hojiirra hin oolle keessa deebi'anii ilaaluun fooyya'anii hojiirra akka oolan taasisuun barbaachisaadha. Bu'aa qorannoo fi hojiirra oolmaa isaa irratti waltajjiwwan adda addaa fi sab-qunnamtii fayyadamuun beeksisuun barbaachisaadha. Qaamolee qorannoo hojiirra oolchan, deeggaranii fi hooggansa isaanitiif cuunfaa qorannoo ifa ta'e (policy note) qopheessuun hubachiisuun barbaachisaa dha.
  4. Rakkoo adeemsaa fi qulqullina qorannootiin wal qabatu furuuf, ILQSO'n akkaataa dhimmoota qorannoof ka'umsa ta'an adda itti baafatu irratti hojjechuu qaba. Yeroo ammaa akkaataan fedhiin qorannoo qaamolee hirtaa irraa itti sassaabbamu qorannoo rakkoo qabatamaa furu gaggeessuuf kan dandeessisan miti. Dhimmoonni qorannoo ILQSO'tiin tuqaman hedduun akka fedhii qorannooti deebi'anii dhufaa jiru. Dabalataan, dhimmoonni rakkoodha jedhaman qorannoo sirnaawaa ta'e gaggeessuuf kan dandeessisan ta'aa hin jiran. Kana hiikuuf ILQSO'n akkaataa qaamoleen hirtaa rakkoo sirna haqaa fi seeraa keessa jiru sadarkaa gadiitii kaasee hanga Biirotti gabaafamee ILQSO'f gahuu danda'u irratti akka hojjetan ILQSO'n amansiisuu qaba. Kana cinaatti ILQSO'n dhimmoota qorannoof ka'umsa ta'uu danda'an irratti sakatta'iinsa gadi feegenya qabu gaggeessuun gumbii yaadotni qorannoof ka'umsa ta'an itti qabaman qopheeffachuun akka haala fi yerootti sanarraa fayyadamuutu irra jiraata. Sirna qaamolee hirtaa yeroo, yeroon arganii itti mari'achiisan ykn waltajjii isaanii (gamaaggama karoora fi gabaasaa) irratti hirmaachuun rakkoolee jiranii fi kallattii deemamuu qabu irraa hubachuun irratti hojjachuu qaba. Muuxannoo dhaabbilee qorannoo ilaalle irraa fudhachuun mana marii

gorsitootaa kan qaamoleen haqaa fi qaamoleen sochii hawaasa sirna seeraa irratti dhiibbaa dhihoo qaban bulchan irraa walitti bahan hundeessuu fi itti fayyadamuun ni danda'ama. Gama biraan, yaadni ka'umsa qorannoo dhuunfaan qorataa Inistiitiyuutichaa ykn ala irraa dhufee madaallii jiru yoo darbe akka gaggeeffamu haala heyyamuun fooyya'uu qaba.

5. Manneen hojii qorannoowwan ILQSO isaanif ergamee hojirra hin oolchin qorannoo isaanif ergame irra deebi'anii sakatta'uudhaan yaadota furmaataa qorannicha keessatti akeekaman hojirra oolchuu qabu. ILQSO nis qorannoowwan ykn yaadota furmaataa hojirra hin oolin kanneen qorannoo kanaan adda bahanii jiran qaamolee dhimmi ilaalu kan kanaan dura ergameefis yoo ta'e, irra deebidhaan erguufii hojiirra oolchuuf deeggarsa ogummaa taasisuufii qaba.

\*\*\*\*\*